



Oromiyaan Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuu biliyoona 4.95 dhaabuufi

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Oromiyaatti bara kana hojiin Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuu biliyoona 4.95 dhaabuu Godina Qellem Wallaggaatti eegalame.

Sadarkaa biyyaatti Sagantaa Ashaaraa

Magariisaan biqiltuwwan biliyoona 25 dhaabban keessaa harki caalu Oromiyaa keessatti kan dhaabamaniidha. Dhimmi biqiltuu dhimma biyyaafi dhalootaa ta'uun amanamee rakkoo jijjiirama haala qilleensaa addunyaaf qormaata hamaa ta'aa jiru maqsuuf Oromiyaatti xiiqii guddaan hojjetamaa jira.

Ongeen Booranaafi Naannoo Sumaaleetti

lubbuu beeyiladootaa kumaatama galaafateefi miliyoonota beelesse abaarsa Rabbii osoo hin taane taatee jijjiirama haala qilleensaati. Rakkoo jijjiirama haala qilleensa gocha dhala namaan dhala namaa galaafatu kana maqsuuf falli waaraan biqiltuu dhaabuu akka ta'e mootummaan jijjiiramaa hubatee jira.

Gara fuula 12tti

“Shaggarirraa muuxannoon magaalota ijaaruu haala qooddatamuun hojjetamaa jira”

- Obbo Shimallis Abdiisaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dandeettiin magaalaa ammayyaawaa ijaaruu Oromoo Shaggarirraa magaalota biroof haala qooddamuun hojjetamaa jiraachuu Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Obbo Shimallis kana kan dubbatan, tibba darbe wayita ijaarsa daandii guddicha kiilomeetira 150 kutaa magaalota Shaggar 12n walqunnamsiisu eegalsiisanidha.

Shaggar magaalaa wareegama hedduun booda miixuu cimaan dhalate ta'uu eeranii; Oromoon kaleessa magaalaa keessaa ari'amaa turee magaalaa keessa jiraachuu qofa osoo hin taane dandeettii magaalaa ammayyaawaa ijaaruu ijaarsa Shaggarin firaafis diinaafis



muuxannoo guddaan kan itti qoodamu ta'uu hubachiisaniiru.

Hacuuccaa sirnoota darbaniirraa kan ka'e ummatni qe'eesaatti Orma ta'uun ammaan

tana ummatni Oromoo magaalaa jiraatu %20 kan hin caalledha jedhanii; Shaggar ammayyeessuu qofa osoo hin taane ummatni

Gara fuula 12tti

Kaffaltii Qofoaf Miti ...



“Duudhaa waloo cimsuufi jijjiirama itti fufsiisuuf hirmaannaan dargaggootaa murteessaadha “
- Ergoogee Tasfaayee(PhD)

Gammachuu Kadiriin

Adaamaa: Duudhaa waloo cimsuufi jijjiirama hundagaleessa ittifufsiisuuf hirmaannaan dargaggootaa murteessaa ta'uu Ministirri Dhimma Dubartootaafi Hawaasummaa Doktor Ergoogee Tasfaayee ibsan.

Koonfiransiin dargaggoota Oromiyaa 14ffaan “Dargaggootni anniisaa jijjiiramaa, utubaa biyyaafi abdi egereti” mata duree jedhuun Kamisa darbe gaggeeffamerratti haasaa baniisaa taasisaniin, hirmaannaan dargaggootaa duudhaa waloo cimsuun jijjiirama hundagaleessa ittifufsiisa. Hirmaannaan tajaajila lammummaan naannicha keessatti mul'achaa jiru dargaggootni humna, beekumsaafi

Gara fuula 12tti

Biirichi pirojektota 278 qarshii biliyoona 11n ijaarsisuun hawaasa fayyadamaa taasise

fuula 12

Dhaloota ogummaa garaagaraa gonfate horachuun murteessaadha

fuula 2

Sumaaleetti omisha baranarraa callaa kutaala miliyoona 31 tu eegama

fuula 3

ODUU



Agarsiisa kalaqawwan dhiyaatanii

Dhaloota ogummaa garaagaraa gonfate horachuun murteessaadha

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dhaloota ogummaa garaagaraa gonfate horachuun guddina yaadame bira ga'uuf dhimma murteessaa ta'uun ibsame.

Biyyoota akka Jarmaniifi Jaappaanfaa gulantaa guddinaa olaanaarra jiraniif barnootni leenjii ogummaa bu'uura jabaa ta'uu hayyootni damichaa ni ibsu. Itoophiyaanis saffisa yaadameen guddachuufi fayyadamummaa dinagdee olaanaa gonfachu baattus barnoota ogummaaf xiyyeeffannaa kennuunshee bubbuleera.

Tibba kanas 'Ogummaafi tekniikaa misooma waaraaf' mata duree jedhuun torban barnoota ogummaafi tekniikaa sadarkaa magaalaa Finfinneetti sagantaalee garaagaraan adeemsifameera. Ministiri De'eetaan Hojiiifi Ogummaa Tashaalee Bareechaa (PhD) Waltajjii marii godambaa yaadannoo injifannoo lola Adwaarratti argamuun haasaa taasisaniin, dhaabbileen leenjii ogummaafi tekniikaa dhaloota ogummaa garaagaraa qabu leenjisu qofa osoo hin taane waa omishuurratti hirmaachuu akka qaban ibsaniiru.

Leenjitoonni gara dhaabbilee barnoota leenjii ogummaafi tekniikaa dhufan ogummaa horataniin karoorrisaanii ilaalamee akka ba'anii hojjetan deeggarsi kennamaa jiraachuu himanii; gama mootummaanis lammiin biyyattii hundi yoo xiqqaate ogummaa tokko akka qabaatu kallattiin kaa'amuu yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, lammiileen hundi yoo ogummaa horatan galii maddisiisuu danda'u. Namni hunduu kan galii maddisiisu taanaan abbaa qabeenyaa ta'uun kadhaa jalaa ba'uun fagoo hin ta'u. Dhaabbileen barnoota ogummaafi teekniikaa kaayyoo kana gonfachuun baadiyyaa magaalatti hojiitti seenaa jiru.

Inistitiyuutii Ogummaafi Teekniikaa Federaalaatti Hogganaan Kutaa Manajimantiifi Hoggansaa Obbo Ababaawu Lammaa gamasaaniin, dhaabbileen ogummaafi teekniikaa carraa hojii bal'aa uumuun guddina dinagdee biyyattii keessatti gahee leencaa qabaachuu dubbataniiru. Haaluma kanaan leenjiin kennamu fedhii industiriiwwaniifi gabaa jiru ilaalcha keessa kan galchu ta'uu akka qabus hubachiisaniiru.

Hogganaan Giddu Gala Qo'annoo Imaammata Bu'uuraalee misooma Magaalaa Industirii Amaaree Maahitab (PhD) gamasaaniin, guddina teknoolojiif ogummaafi teknikarratti hojii bal'aan hojjetamuu akka qabu himanii; Itoophiyaan warraaqsa industirii 4ffaa keessa akka galtuuf ogummaa awutomeeshiniifi kanneen biroorratti ciminaan akka hojjetu hubachiisaniiru.

Torbeen ogummaafi teekniikaa kun agarsiisa hojiiwwan garaagaraa, marii paanaaliifi agarsiisa faashiniin kan kabajame yommuu ta'u, bu'aaleen kalaqa hojiitti hiikamuun guddina yaadame saffisiisan kan itti dhiyaatan ture.

Wallagga Lixaatti namootni kuma 560 ol dhibee busaan qabaman

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ji'oottan 11 darbanitti Godina Wallagga Lixaatti namootni kuma 560 ol dhibee busaan wayita qabaman Godina Wallagga Bahaatti torban tokko keessatti namootni kuma 15 ta'an dhibee kanaan qabamuu Itti gaafatamtoonni Waajjiraalee Fayyaa godinaalee kunneenii ibsan.

Weerara dhibee busaa Wallaggatti mudateefi deeggarsa taasifamaa jiru ilaalchisee Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa Kibxata darbe Itti gaafatamtoonni Waajjiraalee Fayyaa Godinaalee Hogganaa Ittaanaa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa waliin turtii taasiseera.

Itti gaafatamaan Waajjira Fayyaa Godina Wallagga Lixaa Obbo Masfin Xaasoo akka jedhanitti, godinichatti weerarri busaa bara 2014 aanaalee, Beegii, Baaboo Gambeeliifi Qondaalatte mudatee ture babal'achuun bara 2015 aanaalee 18 ga'uu danda'eera. Bara kana ammoo saffisaan dabaluu aanaalee godinichaa 22fi magaalota keessatti mul'ateera.

Godinichatti ji'oottan 11 darbanitti namoota kuma 997 ol mallattoo dhibee busaan walfakkaatuu irratti argamee qorataman keessaa kuma 560 ol dhibee busaa ta'uun adda ba'ee wal'aansi kennamuufii himanii; dur dhibeen busaa kan mudatu waqtii birraafi arfaasaa ta'us sababnisaa qorannoo barbaadus bara 2015 irraa eegalee bonaafi ganna osoo hin hafin ummata hiraarsaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, bara darbe aanaalee 13 keessatti keemikaalli farra bookee busaa raabsameera. Barana hanqina keemikaalaa mudateen aanaalee sagal keessatti biiffaan eegalameera. Bara 2013 eegalee saaphanni siree kuma 970 ol raabsameera. Bara kanas saaphana siree kuma 374 ol raabsuuf Oromiyarraa eegamaa jira. Biirron Eegumsa Fayyaa Oromiyaa deeggarsa qorichaa, saaphana sireefi ogeessa fayyaa taasisaa jira.

Haa ta'u malee, rakkoo kana maqsuuf hawaasni haa xiqqaatu haa guddatu kuufama bishaan wal hormaata bookee busaaf sababa ta'an guutummaatti dhabamsiisuun dirqama jedhanii; kuufamni bishaanii hanga hin dhabamsiifamnetti dhibee kanaan qabamanii yaala fudhatanis carraan deebi'anii qabamuu bal'aa ta'uu hubachiisaniiru.

Itti gaafatamtuun Waajjira Fayyaa Godina



Sister Shittaayee Baqqalaa



Doktor Tasfaayee Kabbabaa

Wallagga Bahaa Sister Shittaayee Baqqalaa gamasaaniin akka jedhanitti, weerarri dhibee busaa kan bara darbeen yommuu walbira qabamu dachaa sadiin dabalaa jira. Gabaasni dhibee kanaan torban torbaniin waan ta'ee torbee darbe namoota skuma 25 sakatta'aman keessaa kuma 15 dhibee kanaan qabamuu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Akka godinichaatti haala amma jiruun aanaalee Saasigga, Jimmaa Arjoo, Leeqaa Dullachaa, Diggaafi Guutoo Giddaa keessatti dhibeen kun hammaachuu ibsani; weerarri kun aanaalee godinichaa hunda keessatti babal'achaa jira. Kuufamni bishaan gurguddoo godinicha keessa waan jiraniif biiffaa keemikaala farra bookee busaa akka barbaachisus dubbataniiru.

Hogganaa Ittaanaan Biiroo Fayyaa Oromiyaa Doktor Tasfaayee Kabbabaa gamasaaniin, dhibeen busaa gara zeerootti gad bu'ee ture waggoota sadii as daran dabalaa jiraachuu himanii; keessattuu Oromiyaa Dhiyaatti rakkoon kun daran hammaachaa akka jiru ibsaniiru.

Yeroo ammaa rakkoo kana maqsuuf yaala idileerra darbee dhaabbilee federaalaafi idil addunyaa waliin duulli taasifamaa jiraachuu eeranii; ammaan tana qaama duula taasifamuu kan ta'e qorannoon bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Daandiin Xayyaaraa Naqamtee guddina dinagdee Oromiyaa Dhiyaaf abdi guddaadha

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Hojii eegaluun Daandii Xayyaaraa Naqamtee godinicharra darbee guddina dinagdee Oromiyaa Dhiyaafuu abdi guddaa ta'uu Bulchaa Ittaanaan Godina Wallagga Bahaa Obbo Gammadaa Tafarraa ibsan.

Obbo Gammadaan Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, fooyya'uu nageenya godinichaa hordofee sochiin dinagdeefi hawaasummaa godinichaa haala gaariirra jira. Pirojektoonni 533 qarshii biliyoona 1.3 ta'uun ijaarsisaanii xumuramee



eebbaaf qophiirra jiru. Kanneen xumura baatii Waxabajjii eebbifamanis jiru. Hundaa ol, daandiin xayyaaraa Naqamtee hojii eegaluun

dadammaqiinsa dinagdeefi hawaasummaaf abdi guddaan irra kaa'ameera. Sababa nageenyaaf pirojektoonni ijaarsisaanii

adda citanii turan ammaan tana gara hojiitti deebi'uu eeranii; haaluma kanaan pirojektiin Laga Hangar baajata mootummaa federaalaa qarshii biliyoona 12 hojjetamaa jiru, buufatni konkolaataa magaalaa Naqamtee kan qarshii miliyoona kuma 300 ijaarsisaa eegale, daandiin Naqamtee gara Naannoo Amaaraa akkasumas Naqamtee gara Naannoo Beniishaangul geessu ammaan tana hojiinsaani eegalamuu yaadachiisaniiru.

Mootummaan federaalaas ta'e naannoo Oromiyaa godina Wallagga Bahaa giddu

ODUU

Sumaaleetti omisha baranarraa callaa kutaala miliyoona 31 tu eegama

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Naannoo Sumaaleetti omisha arfaasaafi gannaa 2016fi kan birraa bara 2017 irraa callaa kuntaalli miliyoona 31 akka eegamu Biiron Qonnaa Naannichaa beeksise. Hanqinni xaa'oo jiraachuus ibsameera.

Hogganaa Ittaanaan Biirichaa Obbo Mahaammadnuur Abdii Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannichi baay'inaan rooba kan argatu waqtii arfaasaa waan ta'eef yeroo ammaa lafa hektaara kuma 429 ol sanyiin uwwifamerraa callaan kuntaalli miliyoona 15 kan eegamuudha. Godinaaleen lamaafi tokko ammoo gariin rooba kan argatan waqtii gannaa waan ta'eef godinaalee kunneen keessatti lafa hektaarii kuma 264 oltu misooma. Godinaaleen hafan saddeet ammoo waqtii birraa waan rooba argataniif rooba birraan kan misooman ta'u.

Naannoon kun omisha boqqolloo, boobee/mishingaan, saliixaafi looziiin kan beekamu ta'uu ibsanii; omisha shunkurtiifi timaatimiifis daran mijataa ta'uu dubbataniiru. Amma garuu omishaalee garbuu, ruuziifi qamadiif mijataa ta'uunsaa qorannoon adda ba'ee gara omishaatti seenuus yaadachiisaniiru.

Naannichi laggeen gurguddoo afur omisha



jallisiwwan garaagaraaf oolaan qabaachuu himanii; irra jireessi ummata naannichaa horsiisee bulaa ta'us midhaan nyaataan of danda'uuf xiyyeeffannaa addaan hojjetamaa jiraachuu hubachiisaniiru. Midhaan callaa cinatti potenshaala jirutti fayyadamuun kuduraafi mudura bal'inaan omishanii gabaaf dhiyeessuuf karoora akka jirus himaniiru.

Gama dhiyeessii xaa'oofi sanyii filatamaan Obbo Mahaammadnuur akka jedhanitti, hanqina sanyii filatamaa furuuf hojiin sanyii

baay'isuu hojjetamaa jira. Ta'us baay'ina horsiisee bulaa hojii qonnaarratti hirmaataa jiruufi lafa qotameen yommuu ilaalamu hanqinni xaa'oo daran olaanaadha.

Ongee bara darbe naannichatti gaaga'ama guddaa dhaqabsiisee hordofee Waajjirri horsiisee bulaa qofaatti dhaabbachuun lafa hektaara hedduurratti omishni margaa bal'inaan hojjetamaa akka jirus dubbataniiru.

Milkaa'ina ashaaraa magariisaaf bara kana biqiltuun miliyoona torba dhaabamuu himanii; isaan dhaabaman keessaa



Obbo Mahaammadnuur Abdii

dhibbantaan 25 kanneen friinsaaniin nyaatamuufi wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf oolan ta'uu eeraniiru.

Bara kana dabalataan biqiltuu miliyoona 13 dhaabuuf qophiirra jiru. Biqiltuun dhaabaman kunneen gariin wabii midhaan nyaataaf, gariin miidhagina magaalotaaf, gariin ammoo faayidaa bosonaaf kan yaadaman yommuu ta'u, waliigalaan jijjiirama haala qilleensa ongeef sababa ta'u maqsuu keessatti shoorrisaanii olaanaa ta'uun amanameera.

Inistitiyuutichi wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf qorannoon sanyii midhaaniifi beeyladaarratti xiyyeeffatee hojjechaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf sanyii midhaanii, beeyladaafi teekinolojiiratti xiyyeeffachuun qorannoo bal'aa gaggeessaa jiraachuu Inistitiyuutiin Qorannoo Qonnaa ibse.

Daarektara Ittaanaa Inistitiyuutichaa kan ta'an Dirribaa Galatee (PhD) tibba darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, inistitiyuutichi wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf qorannoo teekinolojiin deeggarama sanyii midhaaniifi beeyladaarratti gaggeessaa jira.

Akka ibsa isaaniitti, qorannoon midhaanii inistitiyuutichi gaggeessu qorannoo midhaan diqaallessuu, eegumsaafi qabannaa midhaanii of keessaa qaba. Kan beeyladaas haaluma walfakkaatuun diqaallessuu, eegumsa fayyaafi nyaata beeyladaarratti gaggeeffamaa jira. Qorannoon qabeenya uumamaa sagantaa gurguddaa kudhan, keessumaa qorannoon asiidummaa biyyee, xaa'oo uumaamaafi qorannoo seektaroota hundagaleessa dabalatee qorannoon gaggeeffamaa jira.

Seektara qonnaatti jijjiirama barbaachisu fiduuf bu'aa qorannoofi teekinolojiin kunuunsa midhaanii sirnaan hojiirra oolchuun murteessaa ta'uu himanii; bu'aa omisha qamadii sadarkaa biyyaati galmaa'eef sababii sirnaan hojiirra oolmaa bu'aa qorannoo teekinolojiin inistitiyuutichaa ta'uu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Yeroo ammaa kana qamadiin fedhii biyya keessaarra darbee alergiif ooleera kan jedha doktor Dirribaan inistitiyuutichi teekinolojiin walitti fiduudhaan qabeenya baddaafi gammoojjii biyyaattii jiru walittihidhuudhaan bu'aan qamadii argameef ga'ee guddaa taphateera. Dabalataanis, sagantaa maaddii guutuu akka biyyaa hojiirra oolaa jiruuf bu'uurri qorannoo teekinolojiin



kunuunsaafi eegumsa beeyladaa inistitiyuutichaan kenname hojiirra oolchuudhaan akka dhufu ibsaniiru.

Ce'umsa qonnaa biyya tokkoo dhugoomsuuf dhiyeessiiin teekinolojiin sanyiiin fooyya'aa qorannoo qonnaan dhiyaatu murteessaa ta'us, inistitiyuutichi qorannoo gaggeessuuf daangaa seeraan taa'e qabas jedhaniiru. Inistitiyuutichi fedhii Minsiteera Qonnaa bu'uura godhachuun bu'aa qorannoon argate muraasa baay'isuun dhiyeessa. Bu'aan qorannoo argamees sadarkaa dhaabbataafi naannoleetti qaamolee baay'isanii sanyiin baay'atee hawaasa qaqqabee akka madaqu taasisuuf kallattiin taa'ee jira.

Inistitiyuutichi qorannoo fooyya'aa dhiyeessa malee baay'isee hawaasa biraan ga'uun gahee inistitiyuutichaa miti kan jedhan Doktor Dirribaan; hanqinni sanyii fooyya'aa naannoleerraa dhaga'amu tokko tokko hanqina dandeettii baay'isuufi dhiyeesuun walqabata. Qorannoo inistitiyuutichi gaggeessu fedhii qaamolee barbaadaniifi barbaachisummaa gabaarratti giddugaleeffachuun ittifufa jedhaniiru.



Obbo Gammadaa Tafarraa

Daandiin Xayyaaraa Naqamtee ...

galeeffachuun misoomaafi nageenya Oromiyaa Dhiyaaf xiyyeeffannoo addaan hojjechaa jiraachuu eeranii; nageenyi godinichaa fooyya'ee hawaasni gara hojiisaa idileetti kan deebi'eef itti dhiyeenyaan deeggarsi barbaachisu godinichaaf waan taasifameef ta'uu Obbo Gammadaan ibsaniiru.

Gama misooma pirojektiin Laga Hangar qofti kan aanaalee sadiifi sanii ol hammatu waan ta'eef omishni jallisiin omishamuu carraa hojii namoota hedduuf saaquu bira darbee dinagdee biyyaa keessatti gumaata olaanaa qaba. Abbootii qabeenyaa godinichaafi Oromiyaa Dhiyaa keessatti misoomaaf jiran omishasaanii salphaatti gabaa giddu galeessaafi biyya alaatti erguuf shoorri Daandii Xayyaaraa Naqamtee olaanaa ta'uu dubbataniiru.

Xiyyeeffannaa mootummaan godinichaaf kenneen ummatni godinichaa xiiqin gara misoomaafi nageenya waareessuutti seenee halkaniifi guyyaa hojjechaa jiraachuu himanii; godinichi qabeenya uumamaan badhaadhaa ta'uun alatti haala qilleensa hundaa waan qabuuf omishaafi omishummaaf mijataa ta'uu yaadachiisaniiru.

Godinichi bakkeewwan hawwata turiizimii hedduu waan qabuuf abbootiin qabeenyaa damee turiizimii, qonnaa, albuudaafi kanneen biroo irratti bobba'uu fedhaniif qabeenya uumamaa cinatti omishaalee gara gabaa fedhanitti dhiyeeffachuuf haalli mijataan waan jiruuf abbootiin qabeenyaa godinichaa misoomsuun ofis biyyas akka guddisan waamicha dhiyeessaniiru.

Ijoo Dubbii

Tola ooltummaa: Hojii jaalalli ummataafi biyyaa qabatamaan ittiin ibsamu

Tola ooltummaan hojii gaarummaa bilisaan kennamu, aadaa waltumsuufi walbira dhaabachuu cimsuudha. Tola ooltummaan jaalala ummataafi biyya keenyaaf qabnu hojii qabatamaan kan ittiin ibsamuudha.

Hojiin tajaajila lammummaa hanqina jiru furuun hawaasa fayyadamaa taasisa. Fedhii misoomaa ummanni barbaadu bajata mootummaan ramadu qofaan hojjetanii milkeessuun waan hindanda' amneef hojii tajaajila lammummaa hirmaannaa hawaasaan tumsuun barbaachisaadha.

Hojiin tajaajila lammummaas qabeenya, humna namaafi beekumsa gurmeessuun hojjetanii bu'aa qabatamaa biyya jijjiiruu danda'u yeroo gabaabaa keessatti fiduu danda'a.

Hojiin tajaajila lammummaa waggaa guutuu kan hojjetamu ta'us waqtii gannaa bifa addaa ta'een dargaggootaafi barattoota hirmaachisuun hojii guddaatu raawwatama.

Hojiin tajaajila lammummaa kun mana harkaqaal'eeyii ijaaruufi suphuu, dhiiga arjoomuu, biqiltuu dhaabuu, naannawa qulqulleessuu, daandii ijaaruufi bo'oo lolaa baasuu, hojiilee misoomaa gara garaa hojjechuufi tajaajiloota hawaasummaa kennuu of keessatti hammata.

Hojiin tajaajila lammummaa kun fayyadamummaa hawaas dinagdee mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf hirmaannaa qaamolee maraa gaafata.

Tola ooltummaan hojii yeroofi bakkaan daanga'u miti. Hojiin tola ooltummaa dargaggootaafi barattoota dhaabbilee barnoota olaanaa gurmeessuun daangaa ce'ee waqtii gannaa kennamaa jiru hariiroo hawaasummaa cimsuu, tajaajiloota mirkaneessuufi hojiilee misoomaa bajata mootummaa qofaan bira ga'amu hindandeenye hojjechuun rakkooole hedduu furuu keessatti shooraa olaanaa qaba. Hojiin kun manneen barnootaa ijaaruufi suphuu, nageenya naannawaa eeguus of keessatti qabata.

Hojiin tajaajila lammummaa ganna baranaa akka Oromiyaatti mataduree "Gaarummaan Waloomaaf" jedhuun adeemsifamaa jira. Dargaggoonni humnaafi beekumsaasani qindeessuun abbootiin qabeenyaa ammoo deggersa qarshii taasisuudhaan hojii tajaajila lammummaa kanarratti bal'inaan hirmaachaa jiru.

Akka Oromiyaatti dargaggoota miliyoona 8.5 hojii tajaajila lammummaa ganna kanaarratti hirmaachisuun hawaasa miliyoona 25 ol fayyadamoo taasisuuf hojjechaa jiru.

Hojiin tajaajila lammummaa kanaan hojjetamu qarshii biliyoona 15 olitti tilmaamama. Hojiin tajaajila lammummaa erga labsamee jijjiirama guddaa argamsiisaa jira.

Tola ooltummaan hojii lammiilee jaalala ummataafi biyyaa qabaniin raawwatamuufi aadaa waliin hojjechuu cimsuudha.

Tajaajilli tola ooltummaan hojii boqonnaa sammuu namaaf kennuufi namaafi Waaqa biratti jaalatamu waan ta'eef hirmaannaa dargaggootni, dhaabbileen mootummaafi mitmootummaa akkasumas abbootiin qabeenyaafi kutaalee hawaasaa gara garaa taasisaa jiran cimee ittifufuu qaba.

Yaada/Ajandaa



Sagantaan Ashaaraa Magariisaa muuxannoo biqiltuwwan dhaabaman eeguufi kunuunsuus babal'isaa jira

Bayyanaa Ibraahimiin

Bara 2014tti akka biyyaatti biqiltuwwan biiliyoona shan dhaabuuf karoofamee karooraan ol biiliyoona 5.9 kan ta'u dhabuun danda'ameera. Bara itaanus akka biyyaatti biqiltuwwan biiliyoona ja'a ta'u kan dhaabaman yoo ta'u, fakkeenyummaan sagantaa ashaaraa magariisaa kun biyyoota ollaattis akka babal'atuuf yaadamee biyyoota ollaattis biqiltuwwan biiliyoona tokko ta'an akka dhaabaman taasifameera.

Duula biqiltuu dhaabuu baroota darbaniirraa barnoota argame keessaa tokko biqiltuu dhaabuu qofa osoo hinta'iin gama kunuunsuutiniis fooyya'insi guddaan argamaa kan jiru yemmuu ta'u, bara jalqabaa biqiltuwwan akka biyyaatti dhaabaman keessaa kan qabatan dhibbantaa 65-72 hincaalu ture. Bara darbe keessa ammo hammi qabachuu biqiltoota sagantaa ashaara magariisaan dhaabamanii gara dhibbantaa 87tti guddateera.

Jijjiirama hamma qabachuu biqiltoota kanaaf kan gumaache immoo beekumsiifi muuxannoon hawaasni dhaabbiifi kunuunsa biqiltuuratti qabu dabalaa dhufuusaatiin akka ta'es shakkii hinqabu.

Keessattuu faalamafi jijjiirama qilleensaa biyyattii mudachaa jiru furuudhaaf shooraa olaanaa taphachaa kan jiru sagantaan ashaaraa magariisaa kun, biqiltuun biiliyoona tokko biyyoota ollaaf bara darbe kennaman immoo qaama hariiroo dippiloomasii biyyattii akka ta'es himamee ture. Haa ta'uu malee kanaan biqiltuu kunis gaaffii biyyootni olla dhiheessan irraa ka'amee kan raawwatame akka tures himamuunsa kan yaadatamuudha.

Duula biqiltuu dhaabuu biyyoota oollaa keessatti babal'isuun dhiibbaa jijjiirama qilleensaa addunyaa yaadessuuf fala ta'uu danda'a ilaalcha jedhun akka ta'es Ministeerri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad himuunsaani ni yaadatama.

Biqiltuwwan hedduuminaan qopheessuu qofaa osoo hinta'iin kanneen qophaa'an kunniin haala qilleensa biyyattii waliin kan adeeman ta'uusaaniis adda baasuun barbaachisaadha.

Halli qilleensaafi waqtii gannaa Itoophiyaa keessa jiru gargar ta'uu isaarraa kan ka'e kutaalee Kibba biyyattii keessatti duulli biqiltuu dhaabuu kun dursee eegalama.

Ashaaraan magariisaa jijjiirama qilleensaa qolachuun cinatti wabii nyaataa mirkaneessa akka jiru Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimmallis Abdiisaa ni ibsu.

Sagantaa ashaaraa magariisaa bara kanaa eegalchiisuu irratti haasaa kan taasisan Obbo Shimmallis, Itoophiyaan jijjiirama qilleensaa qormaata idil-addunyaa ta'e qolachuu keessatti gahee irraa eegamu bahachuuf sochii fakkeenyummaa guddaa qabu taasisaa jirti. Keessumattuu waggoota shanan darban keessatti Sagantaa Ashaaraa Magariisaa hojiirra oolchuun biqiltuwwan biiliyoona 32 ol dhaabamuu ibsaniiru.

Biqiltuwwan Sagantaa Ashaaraa Magariisaan waggoota shanan darban keessa akka biyyaatti dhaabaman keessaa gaheen naannoo Oromiyaa adda durummaan kan ibsamudha. Biqiltuwwan gosa adda addaa akka biyyaatti biiliyoona 32 ol dhaabaman keessaas biqiltuwwan gosa garagaraa faayidaa bosonaa, nyaataafi miidhaginaaf oolan biiliyoona 18.3 ol naannichatti dhaabuus eeraniiru.

Baranas akka naannichaatti biqiltuwwan biiliyoona 5.5 dhaabuuf qophaa'an keessaas akka naannichaatti biqiltuwwan biiliyoona 4.9 lafa heektaa miliyoona 1.2 ol irratti dhaabuuf qophiin duraa xumurameera. Godinaaleefi magaalota Oromiyaa hunda keessatti boolli biqiltuu dursee qophaa'ee yeroo ammaa duulli biqiltuu dhaabuu adeemsifamaa jira. Biqiltuwwan dhaabaman kunniin faayidaa bosonaa, nyaata namaafi nyaata horii, miidhaginaafi faayidaalee biraaf kanneen gargaaran ta'uus eeraniiru.

Sagantaan dhaabbii biqiltuu ganna kanaa akka naannoo Oromiyaatti Roobii darbe Godina Qellem Wallaggaa, Aanaa Laaloo Qilee, Ganda Amaara Kuuchilootti jalqabameera. Sirna jalqabsiisa dhaabbii biqiltuu kanarratti hoggantoonni mootummaa olaanaa federaalaa, naannoo, godinaa, Abbootii Gadaa, Haadholii Siinqeefi jiraattonni godinichaa argamaniiru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

”Siinqee koo qabadhee hanga iddoo qaamoleen lamaan itti walwaraanaa jiraniitti deemee nagaan buusuuf qophiidha”

- Haadha Siinqee Saaraa Duubee

Bayyanaa Ibraahimiin

Dubartii yeroo dhalootni aadaa ganamaa dagatee aadaa ormaa hordofaa turetti aadaafi duudhaa ofitti cichanii aadaa ofin boonanii dhalootaaf fakkeenya ta’an, dubartii yeroo hunda uffannaafi faaya aadaa Oromootiin miidhaganii deeman, kan aadaan Arsii sukkuumee bareechee Oromoota hundaaf gumaache, fakkeenya aadaafi duudhaa, Oromoo hundaa Aadde Saaraa Duubee keessummaa Bariisaa torban kanaati.



Bariisaa: Bakka dhalootaafi haala guddina keessanii gabaabaatti utuu nuuf ibsitani?

Aadde Saaraa: Hayyeekaa, ani Saaraa Duubee jedhama. Iddoon dhaloota kootii immoo Godina Arsii Lixaa Aanaa Kofaleeti. Haala guddinakoo yoo siif ibsu immoo haaluma guddina ijoollee Oromoo kamiinuu waanuma walfakkaatu waan ta’eef wanti addaa waan jiraatu natti hinfakkaatu. Haa ta’uuti garuu ijoolummaan koo akkuma ijoollee baadiyyaa Oromiyaa birootti xiqqoo ol jabaanaan jabbilee ykn waatilee tiksuu irraa kan eegalu yemmuu ta’u, achumaan akkuma umuriinkoo dabalaa dhufuun immoo gara tiksee looniitti ol guddachuudhaan maatii kootiif loon tiksaa guddadhe.

Ittaansuudhaanis akkuma umriifi qaamaanis guddachaa dhufeen gara barnoota idileetti galee barachuudhaan sadarkaa amma irra jiru kanarra ga’uu danda’eera. Barnoota koo kutaa tokkoo hanga 12ffaattis kanin baradhe achuma iddoo dhaloota kootii kan ta’e Kofaleematti jechuudha.

Bariisaa: Barnoota sadarkaa olaanaa hoo eessatti barattan? Sanaan booda hojii eessatti eegaltan?

Aadde Saaraa: Barnoota kutaa 12ffaa akkuman xumureen Kolleejjii Barsiisota Roobeetti ramadamee ogummaa barsiisummaatiin eebbifame. Isa booda barsiisummaan miindeffameen hojjechaa ture. Ogummaa barsiisummaa Kolleejjii Barsiisota Roobe irraa argadheen barsiisaa suuta suutaan immoo sadarkaa barnootaa koo guddifachuudhaan barsiisummarraa gara waajjiraalee sadarkaa aanaafi godinaatti hoogganuuf carraa argadheera.

Ogummaa barsiisummaatiin gara waggoota shaniif hojjadheera. Waliigalatti waggoota

16 keessatti waajjiraalee shan ta’an keessatti sadrkaa garaa garaatiin tajaajila kennaa tureera. Yeroo ammaa kanattis Komishiinii Turiizimii Oromiyaa keessa dalagaa jira jechuudha.

Bariisaa: Namootni hedduunis kan isin beekan damee aadaafi turiizimii kanarratti waan ta’eef akkamiin gara hojii aadaa beeksisuu kanatti dhufan?

Aadde saaraa: Ani jalqabummarraa kaasee hojii barsiisummaa dhaabee ergan gara hojii waajjiraatti galee kaasee ogummaadhaanis hoggansaanis kan keessa dalagaa ture irra jireessaan waajjiraalee aadaafi turiizimiiti. Hunda caalaa immoo akka aadaa ummata Oromoo kanan keessatti dhaladhee (Arsii) akkan sirritti beekuuf kan nagargaare hawaasaafi maatiin keessatti guddadheedha.

Hawaasni Oromoo naannawa ani keessatti dhaladhee guddadhee kun aadaafi duudhaa gabbataa ta’e kan qabu qofaa osoo hintaane, yeroo ijoolleesaa guddisus aadaafi duudhaa kana sirritti baranii akka guddataniifi iddoo deeman hundatti akka barsiisuu danda’anittiidha. Anis aadaafi duudhaa hawaasan keessatti guddadhee sirritti waanan jaaladhuufi hordofuuf damee aadaatiin beekumsa hamma tokko horachuu danda’eera jechuun ni danda’ama.

Haata’uu malee beekumsa ani har’a damee aadaa irratti horadhe kana ana caalaa kan itti galateeffamuu qabaniifi beekkamtiis argachuu qaban maatii aadaa kanaan na kunuunsanii na guddisaniifi hawaasa ani aadaa kanaan keessatti guddadhe hawaasa bal’aa Arsiiiti.

Bariisaa: Isin haadha siinqees waan taataniif dubartiin takka haala kamiin Haadha Siinqee ta’uu dandeessi?

Aadde Saaraa: Maalummaa haadha siinqee

ilaaluun duratti maalummaa siinqeedhaa sirritti baruun barbaachisaa natti fakkata. Dhimmi siinqee haadha siinqee kun iddoo hedduutti hanqina hubannoo irraa kan madde yeroo namootni irratti walmorman waanan arguuf gaaffii kana naaf kaasuu keetiif hedduun si galateefadha.

Gara gaaffii ati nagaafatteetti yoo siif deebi’u, siinqeen ulee qal’oo gubbaafi jalaas qara hinqabneefi dooma taateedha. Uleen qal’oon mallattoo dubartii taate tun immoo hiikkoofi hojii hedduu kan qabdu yemmuu taatu, siinqeen ulee gaafa dubartiin qanafaa hin hiikkanne yoo dhaanamte mirgi ishii ittiin namoota dhuunfaa gidduttis ta’ee gareewwan garaa garaa giddutti uumame dubartiin ililfattee walitti bu’iinsa sana ittiin dhaabduufi nageenya ittiin mirkaneessitu ulee kabajamtuu Sirna Gadaa keessatti kabajni dubartootaa itti mirkanaa’eedha siinqeen.

Maalummaa siinqee hanga kana yoo siif ibse, dubartiin takka yoom haadha siinqee taati ykn yoomirraa eegaltee siinqee qabachuu dandeessi gara gaaffii jedhuutti siif deebi’a. Ammas aadaan ani armaan gaditti siif ibsu kun akka Arsii ykn Sikkoofi Mandoo ani keessatti guddadheetti akka ta’e naaf hubatamuu qaba. Maaliif yoo jette akkuma bal’ina Oromoofi Oromiyaatti garaa garummaan xixiqqoon aadaalee garaa garaatiin wal qabatan waan jiraniifi.

Kanaaf akka aadaa ani keessatti guddadhe aadaa Arsiiitti dubartiin takka siinqee qabachuu kan eegaltu gaafa heerumtee mana ormaa dhaqxe irraa kaafteeti. Dubartiin takka gaafa heerumtu wantoota gaafa cidhaa sana intala heerumtuuf kennaman keessaa inni tokko siinqeedha.

Siinqee intalti ittiin heerumtu kana

immoo kan mukeen naannawa sana jiran keessaa filatee kan muru abbaa intalaati. Siinqee abbaan intalaa muree manatti gale sana immoo kan dhadhaa sirritti dibe qaqsuudhaan gurraacheessee bareechu haadha intalaati.

Kanaaf gaafa intalattiin heerumtu haati intalaa gurbaa intalattii fuudhuun “Hoodhu baarree, hoodhu barsee” jettee siinqee boraatii intalaa itti kenniti. Kana jechuun meeshaa ishii barbaachisuufi yaboo intalaas sitti kennee jiraa, intalattiin biyya hinbeekne deema jirti waan ta’eef waadaan sitti kennameera hiika jedhu qaba.

Siinqeen intala heerumtutti kallatiidhaan kan itti hinkenneef immoo intalattiin hanga gaafa galgala mana gurbaa fuudhuutti durbummaan irraa fudhatamutti durba duudaa waan taateefi. Akka aadaa Oromootii immoo durbi duudaan siinqee qabachuu hindandeessu waan ta’eef, bariisaa gaafa heerumtee sana loon handhuuraa ishii maatiin erganiif sana waliin siinqee sana fudhattii jechuudha. Kanaaf gaafa durbummaan ishii irraa fudhatamee durbarraa gara dubartiitti geeddaramte sanarraa kaasee akka barbaachisummaa isaatti siinqee qabachuu dandeessi.

Bariisaa: Dubartiin siinqee yeroo akkamii qabatti?

Aadde Saaraa: Akkuma durarratti siif kaasuudhaaf yaaletti siinqeen gaafa dubartiin takka osoo qanafaan morma ishii irraa hinbu’in abbaa warraatiin dhaanamte, gaafa lolli ykn walitti bu’iinsi namoota akkasumas gareewwan garaa garaa giddutti uumamu dubartiin ililfattee siinqee qabachuudhaan yemmuu gidduu waraanaa sana seente waraanni battalumatti dhaabbata.

KEESSUMMAA BARIISAA

"Siinqee koo qabadhee hanga iddoo qaamoleen ...

Asirratti siinqeen kan qabatamee bahamu gaafa namaafi namaa giddutti lolli uumame qofaa osoo hintaane, gaafa waaqni dhala namaatti dallancee roobni dhabame, gaafa immoo roobni hamaan bubbeefi cabbiin walmakee roobus dubartiin siinqee qabattee bahuudhaan Waaqni dhala namaatti akka araaramuuf Waaqa kadhatu.

"Rooba sa'aa tolu, rooba namaa tolu nuuf roobi 'jechuudhaan roobni hamaan dallansuu Waaqaatiin dhufe sun akka dhaabbatuuf siinqee qabatani bahuudhaan ililchani Waaqa ittiin kadhatu. Kanaaf siinqeen kan araari dhala namaa gidduUtti ittiin bu'u qofaa osoo hintaane, kan araari namaafi Waaqa gidduttis akka bu'uuf dhimma itti bahamuudha jechuun ni danda'ama.

Bariisaa: Erga siinqeen araara buusuu keessatti gahee kana hunda qabaatee rakkoo nageenyaa yeroo ammaa akka Oromiyaattis ta'ee biyyaatti jiru furuuf hangam dhimma itti bahamaa jira jettanii yaaddu?

Aadde Saaraa: Sababni rakkoon hangana gahu kun ittiin dhalateeyyuu bara kana kabajni namni siinqeefi haadha siinqeetiifis qabu akka isa duraa sana ta'uu dhabusaati. Haata'uu malee yeroo garaa garaatti haadhooliin siinqee sadarkaa Oromiyaattis ta'ee akka biyyaatti rakkooleen rakkoo nageenyaatiif sababa ta'aa jiran kun karaa waraanaatiin osoo hintaane, karaa marii qofaadhaan furmaata akka argataniif waamicha dhiheessaa turaniiru.

Ammas taanaan hanga rakkoon nageenyaa kun hinfuramnetti waamichi araaraafi nageenya buusuudhaaf taasifamu kun dhimma nuffamuu qabuu miti. "Reeffa firaa kudhan gara galchan" akkuma jedhamu sana warri wal waraanaa jiru kun ilmaanuma haadhaafi abbaa takkaati waan ta'eef waamicha araaraa kana dhaabuudhaaf garaanis qalbiinis nama hindandeessisu.

Keessattuu rakkoon nageenyaa Oromiyaa keessatti ilmaanuma Oromoo lamaan giddutti uumameen gatiin ummatni Oromoo kaffalaa jiru kun olaanaa waan ta'eef qaamoleen gamaafi gamasis jiran dhimma kanarratti miira wal amanuutiin osoo gara araaraatti dhufanii waan baay'ee nama gammachiisuudha. Hojii rakkoon nageenyaa kun furamee Oromiyaan gara nageenyaatti akka deebituuf hojjatamu kana keessatti dubartootni shoora guddaa akka qaban dagatamuu hinqabu.

Jarri bitaafi mirgaanis wal waraanaa jiran ilmaanuma haadha siinqee Oromooti. Akka yaada dhuunfaa kootti yoo nagaafatte hanga bakka qaamootni lamaan kunniin itti wal waraanaa jiraniittis deemee siinqee kootiin ililfadhee obboloota lamaan gidduutti araari akka bu'u taasisuudhaafis qophiidha.

Maaliif yoo jette warra wal waranaa jiru kanatu gudeeda abbootii Gadaa Oromoofi garaa haadholee siinqee keessaa bahe. Obboleewwantu walitti dhukaasaa jira waan ta'eef hanga iddoo waraanaa sanatti deemee araari qaamota kana giddutti akka bu'u waan narraa eeggamu bahachuudhaaf wanti na sodaachisu hinjiru. Sababnisaas obbolaawwan gamasii gamana taa'anii walitti dhukaasan lachuu safuufi safeeffannaa Oromoo, kabaja dubartiifi siinqee kan beekan waan taateef, garaa



jabaatanii siinqee haadhoolii kanarra ce'anii walitti dhukaasu amantaa jedhu waan hinqabneefi.

Waanti waakkatamuu hinqabne garuu mootummaan akka biyyattis ta'ee akka Oromiyaatti rakkoon warra hidhatee bosona jiru waliin qaban bifa marii qofaan akka hiikkamu waamicha dhiheessaa jiraachuusaa yeroo adda addaatti dhagahamaa kan jiruudha. Kanaaf warri kuunis karaa walakkaa as bahani waamicha nageenyaa kana akka fudhataniifi miira walamanamummaa qabuun walwaraansi kun dhaabbatee rakkoon jiru kun karaa mariitiin qofa akka furamuuf haadhooliin siinqee hundi iddoo jiranitti qaamota lamaanirratti dhiibbaa taasisuu qabu.

Bariisaa: Kanumaan kan walqabatu yeroo ammaa mariin biyyaaleessaa gaggeeffamuuf jedha waan ta'eef hirmaannaan dubartootaa as keessatti akkamitti ibsama?

Aadde Saaraa: Kun waan hedduu barbaachisaa ta'eefi aadaa Oromoo keessattis iddoo guddaa qabuudha. Akka sirna aadaa Oromootti wal dhabdee obboleewwanii dhiisii waldhabdeen qaama diinaa waliin jiraatus dursi kan kennamu rakkoo sana mariifi araaraan furuudha. Kana waan ta'eef mariin dhimma biyyaa irratti lammilee biyyattii mariisuu kun ajandaa barbaachisaafi yeroo murteessaa ta'etti dhufedha yaada jedhu qaba.

Waggoota muraasa kana keessaa keessattuu gama bulchiinsa Naannoo Oromiyaatiin gama duudhaa ganamaatti deebi'uudhaaf

tarkaanfiiwwan jajjaboon yemmuu fudhataman ni argina. Kana keessaa ajandaan marii biyyaaleessaa kunis tarkaanfilee gara duudhaa ganamaatti deebi'uudhaaf fudhatamaa jiran keessaa akka isa tokkotti kan fudhatamu waan ta'eef, ajandaaleen walii galteen irratti uumamuu qabu adda bahee akka dhihaatu taasisuudhaan rakkoon nageenya iddoowwan adda addaatti mul'achaa jiru kun akka hir'atuufis qooda guddaa kan qabu waan ta'eef dubartootni iddoo jiran hundatti hirmaanna barbaachisaa ta'e taasisuu qabu.

Hirmaannaan dubartootaa kan hundaa caaluutu irraa eeggama. Maaliif yoo jette gaafa rakkoon walitti bu'iinsaafi buqqatii dhufu kan akka dubartootaafi daa'immaniitti miidhamu hinjiru waan ta'eefi rakkooleen akkasii akka hinuumamne taasisuudhaaf hojiiwwan akka marii biyyaaleessaa kana keessatti dubartootni hirmaanna gaarii taasisuu qabu.

Akkuma duratti siin jedhe immoo ajandaan marii biyyaaleessaa jedhu kun mataansaatii duudhaa Oromoon rakkoolee uumamuu malaniif furmaata marii qofaan fiduuf taasisurraa kan maddu waan ta'eef akka dhimma salphaatti kan ilaallamu osoo hintaane, sirnaan yoo itti fayyadamuun danda'ame rakkooowwan akka biyyaatti madda jeequmsaafi waldhabdee ta'aa jiran kanneen furuu kan danda'uudha amantaa jedhu qaba.

Bariisaa: Yeroo ammaa kana akka biyyatti eeggatummarraa gara omishummaafi gargaarsa jalaa bahutti ajandaa ka'aa

jiru kun gama aadaa Oromoo keessatti akkamitti ilaallama laata?

Aadde Saaraa: Jalqabumaayyuu wanti kadhannaa biyyoota alaatiif nu saaxileeyyuu duudhaa ganamaa irraa maquu keenya fudhachuun dhimma jalqabarratti jala sararamuu qabuudha. Osoo duudhaa ganamaa keessaa bahuu baannee kadhaa qamadiitiif harka nama jala hinqabannu ture. Sababnisa Oromoon aadaafi duudhaa qusannaa bareedaa ta'eef gaafa namni tokko sababa gara garaatiin rakkoon adda addaa irra gahe immoo aadaa ittiin birmatuuf kan qabu waan ta'eef.

Duudhaalee Oromoon namni tokko akka dinagdeedhaan of danda'uuf itti fayyadamaa ture keessaa inni tokko handhuuraadha. Handhuuraa jechuun jabbii (waatilee) ykn loon gaafa ilmi (intalli) dhalatu ykn dhalattu kennamuufiidha. Handhuuraan gaafa daa'imni tokko dhalatu kennameef sun hanga daa'imni sun guddatee itti fayyadamuu eegaltuutti jalaa hingurguramtu, nama biraatiifis dabarfamtee hinkennamtu.

Loon handhuuraa gaafa namni tokko daa'ima turetti kennameef sun immoo hanga namni sun guddatee ofiin of bulchuu eegaltuutti isumaaf kan hortu waan ta'eef gaafa mana ijaarratee jireenya ofii eegaletti kadhaadhaaf nama ormaa dhiisii maatii isaatuu harka jala hinqabu. Kanaaf aadaa qusannaafi hormaataa kanneentu nujalaa badetu akka nama dhuunfaattis ta'e biyyaatti kadhaaf nu saaxile yaada jedhun qaba.

Kana waan ta'eef waggootan shanan kana keessatti tattaaffii mootummaan omishaafi omishtummaa biyya keessaa dabaluuudhaan hirkattummaa gargaarsa alaa jalaa bahuuf taasisaa jiru kana osoon hinjajjiin darbuun gaarii hin ta'u.

Akkuma ati jette immoo yeroo ammaa kanatti guutummati eeggattummaa alaa jalaa bahuun gara waan hundaan of danda'uutti adeemsi eegalames waan jajjabeffamuu qabuudha. Naanna'ee naanna'ee rakkoon eeggattummaafi kadhaa gargaarsa alaa kunis aadaafi duudhaa ganamaa dagachurraa kan maddu akka ta'e amananii gama hundaan adeemsa gara duudhaa ganamaatti deebi'uuf taasifamu kana cimsuun dhimma filannoo hinqabne akka ta'ettin ilaala.

Namni ofii gaafa rakkataasaa sababa wayiitiin gargaarsaaf saaxilame gargaaru, akka inni inni of danda'ee jiraachuu danda'utti. Alagaan garuu gaafa si gargaaru akka ati yeroo biraattis deebitee isa kadhattutti. Gaafa deddeebitee isa kadhattu immoo "Kanan siif kennaa atis sana dhiisi" ykn immoo waan xiqqaa siif kennee waan guddaa sidhabsiisuu barbaada.

Bariisaa: Ani gama kootiin xumuree yaadni hafe jettan yoo jiraate itti nuuf dabalaa?

Aadde Saaraa: "Dubbiin baay'ateef harretti hinf'e'an" jedha Oromoon. Waan hedduu dubbanneerra. Har'a qofaas osoo hintaane keessattuu dhimmii rakkoolee nageenyaa kana furuufi Oromiyaas ta'ee biyya tasgabbeessuu kun ammas xiyyeeffannoo addaatiin osoo ilaallamee baay'ee gaariidha yaaduma jedhu qofaa dabaluu barbaada.

Bariisaa: Yeroo nuuf kennitaniif galatooma!

Aadde Saaraa: Isinis baay'ee galatoomaa!

Ilaamee...



Dhaabbiin biqiltuu har'aa gaaddisa dhaloota boriiti

Dachee akka mataa rifeensi irraa dhume molatee biqiltuun irraa godaanee deebisanii misoomsuun dirqama dhaloota har'aati. Yoo hojjetanii caalan malee dhaloota kaleessaa ceepha'uu qofti jijjiirama yaadame mirkaneessuu hin danda'u. Ceephoon irraa barachuuf yoo ta'e malee misooma egeree yookiin waan kaleessa bade har'a jiraataa hin taasisu.

Kanumaaf Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahimad dhalootni ceepha'amaa xiqeffatee hojjetete bor galateeffamuunsaa hin oolu kan jedhaniif. Itoophiyaan waggoota shanan darban yoo xiqqaate biqiltuu biliyoona 25 ta'uu dhaabuun dhiibbaa jijjiirama qilleensaa maqsuu qofa osoo hin taane dachee gaaddisa nama boqochiisu dhaloota ittaanu dhaalchisuun hojjetaa jiraachuu kan himaniif.

Oromiyaan dachee jittuu jedhamtus waggoota muraasaa as, keessattuu naannawa Booranaa, Baalee, Gujii, Arsiifi Hararfaatti jijjiirama haala qilleensaans doorsiisni ongeefi gogiinsaa mudachuu eegaleera. Waggoota lama dura ongeen Boorana mudate lubbuu beeyilada kumaatamaa waan galaafateef taatee akka salphaatti ilaalamu hin turre. Taatee rifaasisaa akkasii kan maqsuuf mootummaan gama tokkoon haroo bishaanii qopheessuu, furmaata waaraaf ammoo dhaabbii biqiltuuratti fuuleffatee hojjechuu erga eegalee bubbuleera. Nutis Sochii mootummaan naannoo Oromiyaa taasisaa jiru Gaazeexaa Kallacho Oromiyaarraa haala armaan gadiittiin dhiyeessineerra.

Sirna jalqabsiisa sagantaa kanaarratti Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, Ittigaafatamaa Waajjira Paartii Badhaadhinnaa Damee Oromiyaa Obbo Fiqaaduu Tasammaa akkasumas hoggantoonni olaano federaalaa, naannoo, godinaafi anaalee godinichaa akkasumas Abbootiin Gadaa, Abbootiin Amantaa, jaarsoliin biyyaa, jiraattonni anaalee godinichaa hedduun argamaniiru.

Mootummaan Badhaadhinnaa waggoota darban keessatti qormaatilee hedduu keessa taa'uun jiruuf jireenya ummataa jijjiiruuf hojiilee

gurguddaa hojjechaa tureen jiruufi jireenya ummata keenyaa jijjiiruun akka danda'amu agarsiifnee jirra jedhan.

Hawaasniifi bulchiinsi Godina Qellem Wallaggaa rakkoo nageenya hamaa keessa taa'uun hojiiwwan bu'aa qabeessa hojjechaa jiruuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa galata guddaa qaba jedhaniiru.

Godinichi godina pootenshaala guddaa qabu waan ta'eef carraa kanatti fayyadamuun guddina fiduu qabna, kanaafis aarsaa barbachisu kaffaluun abdiin amma eegalame kun akka itti fufu taasisuun godina fakkeenya badhaadhinna taate gochuuf ni hojjannas jedhan.

Mootummaan Naannoo Oromiyaafi mootummaan federaalaa rakkoon hawaas-dinagdee uummataa akka hiikamu qabeenya uumamaa lafarraafi lafa jala jiru hojiirra oolchuun Godina Qellem Wallaggaa kooridarii daldalaa taasisuuf bu'uraalee misoomaa kanneen akka daandii, dirree xiyyaaraafi kan biroo irratti xiyyeeffachuun hojjachaa jira jechuunis dubbataniiru.

Baroota darban qormaatilee turaniif akka barbaanne deemuu hanqannus amma qormaata kana injifachuun jiruuf jireenya ummata keenyaa jijjiiru qabna kan jedhan Obbo Shimallis, qabsoon kanaa boodaa qabsoo dinagdeeti. Qaamni kanaan booda Oromiyaa gabroonfachu danda'u tokkollee hin jiru; kanas kan arganne qabsoofneeti waan ta'eef injifannoo arganne kana jabaannee tikfachu qabna jedhaniiru.

Sirna jabaan ijaaruu harka walqabannee hojjechuu qabna kan jedhan Pirezidaanti Shimallis, dhaloonni har'aa aadaafi duudhaa ganamaatti deebi'uun biqiltuu dhaabuun dhaloota dhufuuf hirkoo ta'aa jira jechuun dubbataniiru.

Hoogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu qabeenya uumamaaf kunuunsaa barbaachisu taasisuu dhabuu irraa kan ka'e jijjiiramni qilleensaa addunyaa muudachaa jira; uwwisni bosonaas baay'ee gadi bu'aa jira. Biyya keenyattis uwwisni bosona dhibbantaa

“
Baroota darban qormaatilee turaniif akka barbaanne deemuu hanqannus amma qormaata kana injifachuun jiruuf jireenya ummata keenyaa jijjiiru qabna

40 (%) irraa gara dhibbantaa 3 (%)tti gadi bu'uu eeruun, kunis hawaasa biyya keenyaa rakkoo gogiinsaa, lolaafi kan biroof saaxiluu himan.

Inisheetiiviin Sagantaa Ashaaraa Magariisaa dhaabbii biqiltuu Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmad labsamuun waggoota shanan darban waggaa waggaa giddugaleessaan ummata miiliyoona 13 hirmaachisuun biqiltuu biliyoona 18.3 dhaabuun danda'ameeras jedhan Obbo Geetuu. Yeroo ammaas Naannoo Oromiyaatti uwwisni bosona harka 17 irra ture hanga bara 2013 tti gara %26.6 tti kan guddate ta'uu himanii, hojii hojjetamaa jiruun yeroo

ammaa %28 ni gala jedhamee yaadamas jedhan. Hojii waggoota darban keessa hojjetameen lafti miidhame dandamachaa, oomishtummaan lafa keenyaas dabalaa jira. Hojii ashaaraa magariisaa irraas carraan hojiin bal'aan uumamaa jiraachuu bira darbee wabii nyaataa mirkaneessuu keessattis gumaacha olaanaa taasisaa jira jechuun dubbatan.

Biqiloota bara kana dhaabtan biliyoona 4.9 keessaa %60 tajaajila nyaataaf keessumattuu muduraa akkasumas biqiloota nyaata horiif oolu kan hammate yoo ta'u %40 ammoo biqiltuu bosonaaf kan oolu ta'uus himaniiru.

Bulchaan Godina Qellem Wallaggaa Obbo Gammachuu Gurmeessaa gamasaaniin guyyaan har'aa guyyaa seenaa qabeessadha. Godinni Qellem Wallaggaa waggoo 4 darban rakkoo nageenya keessa turuu isheetiin ummanni godinichaa rakkoo hedduuf saaxilamee ture jedhan. Hoggansi godinichaafi ummannis aarsaa kaffaluun harka tokkoon misooma harka biraan nageenya waarsuuf hojjechaa tureera jedhan.

Milkaa'ina sagantaa Ashaaraa magariisaa akka Naannoo Oromiyaatti argame keessatti Godinni Qellem Wallaggaa biqiltuu miliyoona 900 ol dhaabuun uwwisa bosinaa %20 irra ture gara %26.1 tti ol guddisuun danda'ameeras jedhaniiru.

Godinichatti dhaabbii bara kanaatiinis biqiltuu mil. 309 dhaabuuf kan karoofame yoo ta'u kana keessaas %12 nyaataaf kan oolaniidha. Jiraattonni Godinichaa kallattii mootummaan uwwisa biqiltuu naannoo keenyaa guddisuuf kaa'amee hojjetamaa jiru hojiirra oolchaa jiraachuu dubbataniiru.

Waggoota shanan darban keessatti biqiloota Sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin akka biyyaatti biqiltuu biliyoona 32 ol dhaabbate keessaa dhibbantaa 56 (%) Naannoo Oromiyaatti kan dhaabbateedha.

AADAIFI AARTII



Obbo Juneeydii Saaddoo



Aadde Iililli Maarqoos Birraa



Artisti Andu'aalam Gosaa



Aadde Caaltuu Saanii

Faawundeeshinii Artisti Alii Birraa: Kaayyoofi mul'ata artistichaa milkeessuuf hundeeffame

Wayinisheet Kaasaatiin

Faawundeeshiniin Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraa dilbata darbe (Waxabajjii 16 bara 2016) Finfinnee Hoteela Iskaayilaayitiitti bakka aanga'oonni mootummaa olaanaa naannoo Oromiyaa federaalaa, maatiin artistichaa, Abbootii Gadaa, Haadholiin Siinqee, abbootii qabeenyaa, artistootaafi keessummoonni garagaraa argamanitti ifatti hundeeffameera.

Walitti Qabduu Boordii Faawundeeshinichaa haadha warraa Artisti Alii Birraa Iililli Maarqoos Birraa gamasaaniin, Artisti Alii Birraa wayita lubbuun tureetti kaayyoofi mul'ata hedduu kan qabu ta'uu eeranii, faawundeeshinichi mul'atasaa milkeessuuf kan hundeeffame ta'uu himu.

Aliin dhimmoota barnoota, seenaa, aadaa, misoomaafi jaalalaa biyyaa sirbaan faarsaa ture, gochaan hojiirra oolchuun mul'atasaa akka ture yaadachiisanii, faawundeeshinichi barnoota, fayyaa, deggersa namoomaafi aartiirratti ciminaan akka hojjatu dubbataniiru. Kana dhugoomsuuf aniifi isin ummatni Itoophiyaa gahee olaanaa qabna jechuun dhaamanii, milkaa'ina hundeeffama faawundeeshinichaaf ummatni, mootummaan Oromiyaa Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa deggersa taasisaniif galateeffataniiru.

Faawundeeshiniin Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraa kaayyoofi mul'ata artistichaa milkeessuuf kan kaayyeffate waan ta'eef hundinuu deggeruufi gargaaru akka qabu kan dhaaman ammoo Ministira Misooma Manneenii Aadde Caaltuu Saaniidha.

Aadde Caaltuun haasaa sagantaa hundeeffama faawundeeshinicharratti taasisaniin akka jedhanitti, hojii Artisti Alii Birraa keessumaa gama aadaafi seenaan hojjetee darbe yoomuu hindagatamu. Faawundeeshinichis hojiisaafi mul'atasaa milkeessuuf kan hundaa'e waan ta'eef deggeramu qabu jedhan.

Adeeroon abbaa jaalalaa, qabsaawaa, sabboonaa, keessumaa sabasaatiif bara rakkoo, dhiphinaa, bara Afaan Oromoon raadiyoo cabsa jedhame sanatti afaanicha dagaagsuun, babal'isuun, ittiin sirbuun Oromoon har'a bakka kana akka gahuuf gaheesaa olaanaa bahateera jedhan.

Kana malees bilisummaan jalqabaa barnoota barachuudha, ummatni barate mirgasaaf falma jechuun sirbasaa "A B jennee kaanaa, kanumaan jalqabnaa, afaanuma keenyaan



katabnee dubbisnaa" jechuun kaka'umsa ummatasaa keessatti uumuun dhaloota har'aa dhagaa bu'uraa kaa'era jechuun hojiisaa ibsaniiru.

Artisti Alii Birraa Adeeroon artistii qofaadha jechuun na rakkisa kan jedhan Aadde Caaltuun, mataduree inni kaasee bifa sirbaatiin dhiyeessu fkn waa'ee biyyaa, jaalalaa, sabboonummaa, barnootaa, siyaasaa, misoomaa, tokkummaa, bilisummaan inni kaasee artistii qofa isa hinjehisiisu jechuun dubbatu.

Guyyaa hundeeffama Faawundeeshinii Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraa kanarratti kanneen argaman, milkaa'ina hundeeffama faawundeeshinichaaf warreen tattaafatan, bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa, hiriyootasaafi ummata Itoophiyaa hunda galateeffatani, ammas milkaa'inasaaf hundinuu deggeruu akka qabu hubachiisanii.

Adeeroon Alii Birraa lubbuun hamma jirutti hojii gaggaarii dhalootaa dhalootaatti darbu hojjetee darbuu yaadachiisanii, namni hundinuu fakkeenyasaa fudhatee hanga lubbuun jirutti hojii sabasaafi ummatasaa gargaaru hojjetee darbuu akka qabu dhaamaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa duraanii Obbo Juneeydii Saaddoo gamasaaniin waa'ee Artisti Alii Birraa wayita dubbatan, "Alii Birraa sirboota sirbuun

quuqama sabasaa, hacuuccaa ummatasaa wayita sirbaa turetti gidiraan addaddaa irra gahaa tureera. Gidiraan kana jalaa ba'uufis biyya ambaatti baqachuun waggoota 24 oliif achi tureera. Ergasii wayita ani Pirezidaantummaan Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa tajaajila turetti haala mijeessuun gara biyyaatti akka deebi'u gooneerra. Ergasiis hojii babbareedaafi ergaa ciccimoo qabuun ummatasaa bira gahaa tureera" jedhu.

Alii Birraa dhukkubsatee yaalamaa turee eyyama Rabbiitiin boqotullee, hojii kaayyoofi mul'atni inni qabu akka hinbadneef faawundeeshiniin kun hundeeffamuusaatti baay'ee gammaduu kaasanii, milkaa'ina kaayyoo faawundeeshinichaaf ummanni Oromoo hundi gaheesaa bahachuu akka qabu dhaamaniiru.

Artisti Andu'aalam Gosaa gamasaatiin, Alii Birraan fakkeenya artistoota Oromoo hundumaati jedhee," Aliin akka aartiitti mana barumsaa keenya, akka jiruufi jireenya hawaasaafi siyaasa waan Oromoon keessa jiruufimmoo abbaa furmaataa ture" jedha.

Faawundeeshiniin kun kaayyoo hundaa'eef galma akka gahuuf artistootarraa waan hedduutu eegama kan jedhu artistiin kun, inni jalqabaa Alii Birraa hubachuudha, isa hubannaan hojiisaa ittifufsiifna jechuun dubbata. Jaallattooniifi dinqisiifattoonni Alii Birraa biyya alaafi keessa jiranis kaayyoofi mul'atasaa karaa faawundeeshinichaa milkeessuuf gahee isaanirraa eegamu bahachuu akka qaban yaadachiiseera.

Sagantaa Hundeeffama Faawundeeshiniin Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraa irratti hoggantoonni mootummaa federaalaa, naannooleefi magaalaa, akkasumas haati warraasaa Aadde Iililli Maarqoos Birraa waliin ta'uun Asxaan Faawundeeshinichaa kan ifoomsan yoo ta'u, dabalataan faaruufi sirboonni Artisti Alii Birraa lellisan daa'immaniifi artistoota garagaraan dhiyaataniiru.

Walumaagalatti, faawundeeshiniin kun kaayyoofi mul'ata Artisti Alii Birraa dhugoomsuuf hundeeffamus, hojii inni barnoota, fayyaa, hawaasummaa, tola ooltummaafi kanneen kana fakkaatan hojjetuun ummanni bakka addaddaatti argaman irraa fayyadamoo waan ta'aniif qaamolee hundumaan deggeramu qaba jenna.



Faawundeeshiniin kun kaayyoofi mul'ata Artisti Alii Birraa dhugoomsuuf hundeeffamus, hojii inni barnoota, fayyaa, hawaasummaa, tola ooltummaafi kanneen kana fakkaatan hojjetuun ummanni bakka addaddaatti argaman irraa fayyadamoo waan ta'aniif qaamolee hundumaan deggeramu qaba

Qarreefi Qeerroo

Dargaggoonni odeeffannoo sobaa tamsa'uun burjaaja'uu utuu hintaane dhugaa jiru addabaafachuurratti xiyyeeffachuu qabu

Natsaannat Taaddasaatiin

Wirtuun Leenjii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi Bulchiinsi Magaalaa Shaggar wajjin ta'uun leenjii mataduree, 'Kominikeeshinii bu'aqabeessa tajaajila si'ataaf' jedhuun qophaa'e kominikeetarootaafi ogeessota miidiyaa Magaalaa Shaggariif Finfinneetti kennamaa jira.

Leenjicha kenna kan jiran miseensi Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataafi miseensi Boordii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa Doktor Nagarii Leencoo akka jedhanitti, kominikeeshiniin namaafi nama, mootummaafi mootummaa, mootummaafi ummata, dhaabbileefi dhaabbilee, biyyaafi biyya gidduutti hariiroo uumuuf daran murteessaadha. Mariifi hariiroon akka uumamu kan taasisu kominikeeshiniidha. Kominikeeshiniin yaada waliif hiruufi odeeffannoo waljijjiiruuf gargaara.

Ajandaan kominikeeshinii keenyaa yeroo hunda kan waa irraa barannuufi biyya keenya kan ijaaru ta'uus eeraniiru. Kominikeeshiniin akkuma bu'aa guddaa qabu yoo sirnaan itti hinfayyadamne miidhaa guddaa qaqqabsiisa. Kanaafuu ittifayyadama miidiyaafi kominikeeshinii keenyatti sirnaan fayyadamuu qabna jedhan.

Ittigaafatamaa Waajjira Kantiibaa Magaalaa Shaggar Obbo Darajee Magarsaa akka jedhanitti, hojiileen misoomaa, hawaasummaafi dinagdee magaalatti adeemsifamaa jiran kominikeeshiniidhaan deggeramuu baannaan bu'aqabeessa ta'uu hindanda'an. Leenjichi humna kominikeeshiniifi miidiyaa magaalattii cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Leenjichi hojii kominikeetaroonniifi ogeessonna miidiyaa keenya barumsaafi muuxannoon hojjechaa turan caalaatti cimsuun hojii bu'aqabeessa akka hojjetaniif kan isaan kakaasu ta'uu himanii, leenjicharratti ogeessonna miidiyaafi kominikeeshinii kutaalee magaalattii 12 keessaa walitti babba'an 160 irratti kan hirmaatan ta'uus eeraniiru.

Leenjiin saayinsii miidiyaafi kominikeeshiniirratti xiyyeeffachuun kennamekun hojii miidiyaafi kominikeeshinii keenyarratti daran nu gargaara kan jedhan Obbo Darajeen, bulchiinsi magaalaa keenya gara fuulduraattis Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin hariiroo cimaa uumee waliin hojjechuuf sanada waliigaltee qopheessuuf karoorfatee hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Dargaggoo Rattaa Daaksaa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Galaan Guddaatti Ittigaafatamaa Waajjira Kominikeeshiniiti. Leenjii Dhaabbanni Pireesii Itoophiyaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar wajjin ta'uun ogeessota miidiyaafi kominikeeshinii Magaalaa Shaggariif kenne leenjii baay'ee murteessaafi barbaachisaadha. Hubannoon leenjicharraa argates hojiirratti daran kan isa fayyadu ta'uu hima.

Yeroo ammaa miidiyaa hawaasummaatiinis ta'e dhaabbilee miidiyaa tokko tokkoon odeeffannoon sobaa ummata burjaajessaniifi



Hirmaattota leenjichaa keessaa

nageenyi akka boora'u taasisan bal'inaan tamsa'aa jiraachuu kan himu dargaggoon kun, ogeessonna miidiyaafi kominikeeshinii ummanniifi dargaggoonni odeeffannoo sobaa tamsa'een akka hinburjaajofneef dhugaa jiru ifatti baasuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu. Leenjiin kenname dhimma kanarratti hubannoo gahaa akka qabaannu nu taasisa jedha.

Ummanni odeeffannoo tamsa'u kamiyyuu hubannaan ilaaluu qaba kan jedhu dargaggoon kun, aktiivistoonni, rogeeyyiin miidiyaa hawaasummaafi dhaabbilee miidiyaa gara garaas odeeffannoo sobaa tamsaasuurrata of qusachuu qabu. Miidiyaan yoo seeraan itti fayyadamne biyya ijaaru danda'a. Yoo seeraan itti hinfayyadamne ta'e ammoo biyya diiguu danda'a. Kanaafuu miidiyaa ijaarsaafi nageenya biyyaatiif itti fayyadamuu qabna. Ogeessonna miidiyaafi kominikeeshiniis odeeffannoo biyya ijaarurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban dhaama.

Dargaggoonni ijaarsaafi nageenya biyyaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qabu. Jijjiiramni kun qabsoo dargaggoonni wareegama hanga lubbuun darbuutti kaffalaniin dhufe waan ta'eef har'a ammoo jijjiiramicha fuulduratti tarkaanfachiisuu keessatti gahee guddaa isaanirra eegamu bahachuuf tokkummaasani caalaatti cimsachuu akka qaban dubbata. Dargaggoonni olola sobaa miidiyaa gara garaatiin tamsa'uun burjaaja'uu akka hinqabnes yaadachiiseera.

Ummanni Oromoo tokkummaasaa caalaatti cimsachuun aggaammii tokkummaasaa diiguuf miidiyaan gara garaa hafarsu fashaleessuu qaba kan jedhu Dargaggoo Rattaa, ummanni keenya tokkummaasaa caalaatti cimsachuudhaan nagaafi ijaarsa naannoo Oromiyaas ta'e biyyaa keessatti gumaacha olaanaa taasisuu akka qabu dubbata.

Dargaggoonni waan isaanis ta'e ummata fayyadu, biyya ijaaruufi nageenya biyyaa tasgabbeessurratti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu kan jedhu dargaggoon kun, aktiivistoonni bebbeekamoon faayidaa dhuunfaasaniif jecha taatee hintaane ta'eera jedhani olola sobaa tamsaasuun dargaggoota burjaajessan waan jiraniif dargaggoonni waan isaan fayyaduufi hinfayyadne adda

baasani beekuu akka qaban yaadachiiseera.

Dhaabbanni Pireesii Itoophiyaa dhaabbata miidiyaa muuxannoo waggaa 80 ol qabuudha kan jedhu Dargaggoo Rattaa, leenjichi nama beekumsaafi muuxannoo gahaa qabuun kan kenname ta'uufi hojiirrattis daran kan isaan gargaaru ta'uu gara fuulduraattis dhimmoota biroorratti xiyyeeffachuun kennamuu akka qabu eereera.

Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Furiitti, Ittigaafatamtuu Waajjira Kominikeeshinii kan taate Burtukaan Badhaadhaa akka jettutti, leenjiin ogeessota miidiyaafi kominikeeshiniif kenname hojiirratti kaka'umsaafi dadamaqiinsa uumuuf baay'ee murteessaadha. Odeeffannoo gama mootummaatiin jiru ummata biraan ga'uufi yaadaafi komii ummataa ammoo mootummaaf dhiyeessuun gahee ogeessota miidiyaafi kominikeeshiniiti. Miidiyaan hinjiru taanaan hojiin gama mootummaatiin raawwatamaa jiru akka ibsaa guuboo keessaa ta'a. Hojii mootummaan hojjetuufi odeeffannoo mootummaan kennu ummata bira akka ga'u kan taasisu miidiyaadha. Kanaafuu miidiyaan mootummaafi ummata gidduutti riqicha ta'ee tajaajila jechuudha.

Waajjira miidiyaafi kominikeeshinis ta'e waajjiraaleen biroo keessatti hojjetoonni haaraan yeroo yeroon waan miindeffamaniif leenjichi ittifufiinsa kennamuu qaba kan jettu Burtukaan, haala amma jiruun hojii gaarii miidiyaan tamsa'u caalaa hojii faallaa ta'etu xiyyeeffannaa argachaa jira waan ta'eef dargaggoonni odeeffannoo faallaa hordofuun yeroosaanii gubuurraa of qusachuu akka qaban gorsiti.

Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujeetti Ittigaafatamaan Damee Siyaasaa Alamaayyoo Kabbadaa akka jedhutti, leenjiin ogeessota miidiyaafi kominikeeshiniif kenname baay'ee barbaachisaafi ummanni odeeffannoo si'ataa guddina, nageenyaafi misooma biyyaarratti xiyyeeffatu akka argatu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yeroo ammaa waraanni guddaan karaa miidiyaa geggeeffamaa jira. Leenjichi olola sobaa miidiyaadhaan tamsa'uufi burjaajii uumu sirreessuuf maal gochuu akka qabnu nu hubachiiseera jedha.

Ogeessonna miidiyaafi kominikeeshinii Magaalaa Shaggar leenjicharraa hubannoo guddaa argachuufi miidiyaadhaan



Doktor Nagarii Leencoo

akkamitti biyya ijaaruun akka danda'amu hubataniiru kan jedhu Alamaayyoon, xiyyeeffannoon keenya miidiyaa ijaarsa, nageenyaafi misooma biyyaaf oolchuutu nurraa eegama. Hubannoo leenjicharraa arganne qabatamaan hojiirra oolchuun bu'aa miidiyaa lafa qabsiisuuf ittigaafatamummaa guddaan hojjechuu qabna jedha.

Leenjiin hubannoo uumuuf, barsiisuufi kan beeknu nu yaadachiisuuf waan gargaaruuf gara fuulduraattis ittifufiinsa kennamuu akka qabu gaafateera.

Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Buraayyuutti Rogeessa Miidiyaa kan ta'e Hundee Mul'isaa akka jedhutti, miidiyaa yoo karaa sirrii itti fayyadamne biyya kan ijaaru ta'uusaa, yoo ammoo karaa sirrii hintaane itti fayyadamne biyya kan diigu ta'uu leenjii kennameeraa hubanneera. Hubannoo leenjicharraa argates qabatamaan hojiirra oolchuufi hubannoo argates rogeeyyota miidiyaa leenjicharratti hin hirmaanneef kan qoodu ta'uu hima.

Odeeffannoo madda utuu hin eerin dabarsuun rakkoo guddaa miidiyaa hawaasummaafi dhaabbilee miidiyaa tokko tokko biratti mul'atu ta'uu hima, odeeffannoon madda hinqabne ammoo amanamummaa hinqabu. Kanaafuu keessumaa dargaggoonni odeeffannoo madda hinqabneefi dhugaa hintaaneen burjaaja'uurra dhugummaasaa adda baafachuurratti xiyyeeffachuu akka qaban gorseera.

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti Dursaan Garee Wiirtuu Leenjii Obbo Sulxaan Mahaammadnuur akka jedhanitti, Dhaabbanni Pireesii Itoophiyaa dhaabbilee miidiyaa buleeyyii biyyattiin qabdu keessaa isa tokko. Dhaabbatichi muuxannoo miidiyaa waggoota 83f kuufate leenjiilee garagaraa qopheessuudhaan dhaabbilee biyyattii biroo qooduuf wiirtuu leenjii hundeessee hojjechaa jira. Wiirtichi erga hundaa'ee waggaa sadii yoo ta'uu, kaayyoon hundeeffamasaa hanqina gama miidiyaafi kominikeeshiniitiin mul'atu guutuudha.

Wiirtichi waggoota sadan darbaniif dhaabbilee mootummaa federaalaafi naannoleef leenjiilee gaggabaaboo hojiirraa kenna turuu kan himan Obbo Sulxaan, leenjiin wiirtichi kennu gara fuulduraattis cimee kan ittifufu ta'uu himaniiru.

Abbaa Sa'aa

“Itoophiyaan bu'uura seeraa mootummoota gamtoomaniin ulaa galaanaa biyyoota ollaashee filattetti fayyadamuu dandeessi”

- Doktor Maatiwoos Hinsarmuu

Gammachuu Kadiriin

Ulaan galaanaa maali? Akkamitti argachuun danda'ama? Faayidaan ulaa galaanaa maali? Seerotni mootummoota gamtoomaniin ulaa galaanaa ilaalchisee tumame maal jedha? Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf maal gochuu qabdi? Dhimma kana ilaalchisuun gaafdeebii Yunivarsitii Finfinneetti, Hoggansa Cancala Dhiyeessii Doktor Maatiwoos Hinsarmuu waliin taasifne akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineerra.

Bariisaa: Ulaa galaanaa jechuun maal jechuudha?

Doktor Maatiwoos: Ulaa galaanaa jechuun ulaa tajaajilli daldala omishaalee alergiifi alaa galchuu keessa darbee biyyi tokkotti ergamu ykn seenu jechuudha. Ulaan galaanaa bakka daldalli addunyaa dhibbantaa 80-90 ittigeggeeffamu jedhamees fudhatama.

Bariisaa: Biyyi tokko ulaa galaanaa akkamitti qabaachuu dandeessi?

Doktor Maatiwoos: Karaa ulaa galaanaa qabaachuun danda'amu inni jalqabaa umamaan qarqara galaanaatti argamuudha. Inni biraan biyyoota ulaa galaanaa qaban waliin waliigaltee umanii waliin misoomsuudhaan qabaachuun ni danda'ama.

Bariisaa: Waliigalteen ulaa galaanaa waliin misoomsuu maal maal ofkeessatti hammata?

Doktor Maatiwoos: Ulaa galaanaa misoomsuun waan salphaa miti, baasii guddaa gaafata. Bakka meeshaan ittife'amuufi bu'ee ittikuufamu, sirna pirotokolii gumurukiin guutuun bu'uuraalee misoomaa gara garaa ofkeessatti hammata. Kana guutuuf dinagdeen guddatee kaappitaalli guddaan jiraachuu qaba.

Bariisaa: Itoophiyaan akkamitti ulaa galaanaa dhabdee turte?

Doktor Maatiwoos: Itoophiyaan ulaa galaanaa qabdi ture. Haata'u garuu taateewwan jijjiirama sirnaan walqabatee bara 1987 irraa eegalee ulaa galaanaa dhabuun ulaa galaanaa Jibuutii fayyadamaa jirti. Hariiroo Jibuutiiratti hundaa'uun tajaajila ulaa galaanaa argachaa jirti. Ulaa galaanaa kana fayyadamuun omishaalee alergii kan akka bunaafi kanneen biroo dhibbantaa 95 alatti ergaafi galchaa jirti.

Bariisaa: Itoophiyaan akkamitti ulaa galaanaa argachuu dandeessi?

Doktor Maatiwoos: Ulaa galaanaa argachuun uumamaan walqabata. Biyyoonni qarqara galaanaa jiran ulaa galaanaa mataasanii fayyadamu. Warri akka Itoophiyaa qarqara galaanaarra hinjirre ammo biyyoota qarqara galaanaarra jiran waliin walittidhufeenya uumuudhaan



ulaa galaanaatti fayyadamuu danda'u. Itoophiyaanis haaluma kanaan argachuu dandeessi.

Bariisaa: Fayyadamummaa ulaa galaanaa mirkaneeffachuun walqabatee bu'uurri seera addunyaa maal jedha?

Doktor Maatiwoos: Seerotni ulaa galaanaa mootummoota gamtoomaniin qophaa'an biyyi kamiyyuu mirga fayyadamummaa ulaa galaanaa argachuu akka qabdu ibsa. Biyyoonni qarqara galaanaa hinjirre karaa biyyoota qarqara galaanaa jiranii ulaa galaanaatti akka fayyadaman seerri taasisu tumameera. Seerri fayyadama mirga ulaa galaanaa (right to sea access) mootummoota gamtoomaniin ALA bara 1982 tumame.

Seerichi akka jedhutti, biyyi kamiyyuu karaa biyyoota ulaa galaanaa qabanii mirga ulaa galaanaa fayyadamuu qaba. Bu'uura seeraa kanaan Itoophiyaan ulaa galaanaa Jibuutii, Ertiriyaa, Sumaaleelaandi, Somaaliyaa, Keeniyaafi Poortii Sudaan fayyadamuuf mirga guutuu qabdi.

Ameerikaa, Faransaayii biyyoonni biroon bu'uura seeraa kanarratti hundaa'uun fayyadamummaa addunyaa taa'een karaa Jibuutii ulaa galaanaa Hindii fayyadamaa jiru. Itoophiyaanis haaluma kanaan filannoosheerratti hundaa'uun karaa biyyoota ollaashee ulaa galaanaa qabanii ulaa galaanaatti fayyadamuu dandeessi.

Biyyi ulaa galaanaa barbaaddu biyya ulaa galaanaa qabdu waliin waliigaltee raawwachuudhaan argachuu ni dandeessi. Bu'uura seeraa kanaan biyyi ulaa galaanaa qabdu biyyoota ulaa galaanaa hinqabnerratti gatii garmalee akka itti hindaballe, biyyi ulaa galaanaa fayyadamuuf gaafattus biyya sanarraan rakkoo biraa akka hingenyeef waliigaltee biyyoota lamaaniiratti

hundaa'uun ulaa galaanaatti waliin fayyadamuun nidanda'ama.

Bariisaa: Itoophiyaan ulaa galaanaa kamfaa fayyadamuu dandeessi?

Doktor Maatiwoos: Itoophiyaan hanga dinagdeenshee eyyameeffitti ulaa galaanaa garagaraatti fayyadamuu dandeessi. Jijjiirama haala qilleensa walqabatee daandiin Itoophiyaafi Jibuutii gidduu jiru utuu sababa balaa lolaatiin danqame alergiifi alaa galchiiratti dhiibbaa guddaa uuma. Akkasumas naannawaa Galaana Diimaatti rakkoo walfakkaatu uumamuu danda'a. Filmaata ulaa galaanaa gara garaa qabaachuun danqama alergiif alaa galchii xiqqeessuuf gargaara.

Dabalataanis, biyyooti ulaa galaanaa qaban lakkoofsa fayyadamtoota ulaa galaanaasaanii dabaluuft tajaajila qullullinaafi fooyya'aa kennuudhaan dorgommii keessa jiru. Ulaa Galaanaa qabaachuun baasii doonii ulaa galaanaarraafi tajaajiloota kennamaniif ba'u hir'isuu keessatti gumaacha olaanaan qaba. Si'aayina tajaajila kennamuu, qullullinaafi gatii fooyya'aa qabutti fayyadamuuf ulaa galaanaa garagaraa fayyadamuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Itoophiyaan ulaa galaanaa dhabdee turte akkamitti argachuu dandeessi?

Doktor Maatiwoos: Sirna argama siyaasaa 'Geopolitics' bu'uura godhachuun Itoophiyaan ulaa galaanaa qabdi turte. Yeroo Ertiraan qaama Itoophiyaa turte Itoophiyaan ulaa Galaana Diimaa fayyadamaa turte. Sababa waldhabdee daangaa Itoophiyaafi Ertiraa gidduutti mudatee tureen Ertiriyaa biyya of dandeesse taatee Itoophiyaarraa adda baatee. Isa booda Itoophiyaan ulaa galaana dhabde.

Biyyoonni ulaa galaanaa qaban mirga ulaa galaanaa dhoowwachuun hinqaban. Itoophiyaan bu'uura seera taa'een ulaa galaanaa naannawaa jiran kan barbaaddetti fayyadamuuf mirga guutuu qabdi. Biyyoonni ulaa galaanaa qabanis tajaajila kennaniif gatii hanganaa kaffalta jechuu malee asiin fayyadamuu hindandeessu jechuuf mirga hinqaban. Kun yoo ta'e seera addunyaatu caba. Seerichi waliigaltee biyyoota lamaaniirraatti hundaa'uu qaba waan jedhuuf humnaan fudhachuus ta'e dhoowwachuun hindanda'amu.

Itoophiyaan seericha hordofuun tattaaffii eegalte ittifufsiisuu qabdi. Dinagdeen biyyattiis guddachaa deemuu qaba. Dinagdeen Itoophiyaa guddachaa yoo deemu faayidaa biyyoonni ulaa galaanaa Itoophiyaaf kireessaniis niguddata. Guddinni dinagdee Jibuutii guddina dinagdee Itoophiyaan walqabata. Kanarraa ka'uun Jibuutiin Itoophiyaaf ulaa galaanaa baay'ee ijaarte keessaa ulaa galaana Taajuraa, terminaala koonteenaraa, zoonii dinagdee bilisaa, bakka kuusaa boba'aa ijaaraman akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Ijaarsi geggeeffames koriidarii guddina dinagdee biyyoota lameenii keessatti gumaacha olaanaa qaba.

Ulaa galaanaa tooftaa sadiin waliin fayyadamuun ni danda'ama. Inni jalqabaa bittaafi gurgurtaa lafa ulaa galaanaati. Inni lammaffaan waliin misoomsanii waliin fayyadamuufi lafa kennaniin fudhachuudhaan waliin fayyadamuudha.

Itoophiyaan haala qilleensaa omisha bunaaf mijataa ta'e qabdi. Kun biyyootni buna argachuu barbaadan Itoophiyaa waliin hariiroo gaarii akka qabaatan taasisa. Biyyootni akka Itoophiyaa kompiiyutara, konkolaataafi teknolojiwwan adda adda gara biyyasaaniitti galchuu waan barbaadaniif ulaan galaanaa waliin fayyadamuun dirqama itti ta'a.

Dinagdeen Itoophiyaa akkuma guddachaa deemu dhageettiin biyyattiis dabalaa deema. Dinagdee biyyattii caalaatti guddisuuf keessumaa omishaalee alergii guddisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba. Ulaa galaanaa argachuunis guddina dinagdee biyyattii utubuu keessatti gahee guddaa qaba.

Bariisaa: Tattaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf taasisaa jirtu akkamitti ilaaltu?

Doktor Maatiwoos: Itoophiyaan bu'uura seeraa mootummoota gamtoomaniin ulaa galaanaa biyyoota ollaashee filattetti fayyadamuu dandeessi. Tattaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf taasisaa jirtu haala amma eegalameen xiyyeffannaan hojjetamnaan ni milkaa'a.

Bariisaa: Ibsa bal'aa nuuf kennitaniif galatoomaa.

Doktor Maatiwoos: Isinis galatoomaa.

ODUU

Biirichi pirojektota 278 qarshii biliyoona 11n ijaarsisuun hawaasa fayyadamaa taasise

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti waggoottan sadan darban keessatti qarshii biliyoona 11n pirojektota jal'isii 278 ijaarsaani xumursisuun horsiiseefi qonnaan bultoota kuma 59 fayyadamaa taasisuun kan danda'ame ta'uu Biiron Misooma Jal'isiifi Horsise Bulaa naannichaa beeksise.

Biirichatti Daarektarri Kominikeeshinii Obbo Zayyadee Tashoomaa ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, bara 2013 dura bu'uuraleen misooma jallisii qaamoolee adda addaan gaggeeffamaa tureera. Ta'us, xiyyeeffannoon baricha dura misooma jal'isiifi kenname gadaanaa ta'uurraan kan ka'e hanga barbaadamu seektaricha guddisuun hawaasa fayyadamaa taasisuun hin danda'amne.

Bara 2013 dura naannichatti lafa hektaara kuma 565 jaal'isiidhaan misoomsuun



Obbo Zayyadee Tashoomaa

waggaatti hanga kuntaala miliyoona 92 qofti omishamaa akka ture yaadachiisani; Karoora Imala Badhaadhinna Marsaa Duraa (bara 2013-

2017) keessatti jallisii ammayyaafi aadaa sadarkaa maatiitti jalqabee babal'isuun lafa misooma qonna jallisii giddu galeessaan waggaatti dhibbantaa 14.5n guddisuuf karoorfamee hojjetamaa jira.

Qabeenya lafaa naannoon Oromiyaa qabdu keessaa lafti hektaara miliyoona 4.5 ta'u misooma jallisii gosa garaagaraaf ooluu danda'a kan jedhan Obbo Zayyadeen yaa'a bishaanii gurguddoo akka biyyaatti jiran 12 keessaa, 8 Oromiyaa keessa kan qaxxaamuraniidha jedhaniiru.

Naannichi pootenshaala bishaanii jiru hunda duguugee itti fayyadamuun gogiinsaafi hongee yeroo garaagaraa mudatu dandamachuuf eeggattummaa rooba idilee jalaa bahuun oomishaafi oomishummaan itti fufinsa qabu akka jiraatu taasisuuf jallisii gosa garaagaraa babal'isuurratti argama.

Hojiin misooma qonna jal'isii naannichatti yeroodhaa gara yerootti dabalaa jiraachuu

himanii, bara darbe qofa oomisha qamadii bonaa dabalatee lafa misooma jallisiiif oolu heektaara miliyoona 3 hojiitti galchuun danda'ameera jedhaniiru.

Hanqina bishaanii naannoo gammoojjii irratti uumame hordofee bara 2014 irraa eegalee pirojektota finnaa hojiirra oolchuun hojiileen akka bishaan roobaa bal'inaan kuusuu, nyaata beeyiladaa omishuu, horsiisa qurxummii, dhiyeessii bishaan dhugaatii namaafi horii hojjetamaa jiraachuus Obbo Zayyadeen ibsaniiru.

Fayyadamtoonni misooma jallisii bu'uuraalee ijaaraman hamma barbaadame kunuunsuu dhabuun, yaa'a bishaan jallisii qulqulleessuu dhiisuu fi bishaan jallisii haqaan itti fayyadamuu dhabuun, hojiileen ijaarsa bu'uuraalee misooma jallisii eegalaman yeroofi qulqullina barbaadamuun xumursuu dadhabuun hanqinoota misooma jal'isii naannichaa bara 2016 keessatti adda baafamaniidha jedhaniiru.

Oromiyaan Sagantaa Ashaaraa Magariisaan...

Naannoon Oromiyaa hunda dursee tibba darbe dhaabbii biqiltuu godina Qellem Wallaggaa aanaa Laaloo Qileetti tokko jedhee eegaleera. Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaas saganticharratti haasaa taasisaniin, jijjiirama haala qilleensaa maqsuuf dhaabbii biqiltuun uwwisa bosonaa dabaluu cimee ittifufa jedhaniiru. Dhiqama biyyee ittisuufi jiidhina qilleensaa harkisuuf Oromiyaatti Sagantaa Ashaaraa Magariisaarratti xiyyeeffannoo addaan hojjetamaa akka jirus dubbataniiru.

Haaluma kanaan bara 2011 dura uwwisni bosonaa Oromiyaa dhibbantaa 17 ture ammaan tana gara dhibbantaa 27tti ol guddisu danda'uu himanii; bara kana lafa biqiltuun irra dhaabamuuf karoorfame hektaara miliyoona 1.29 keessaa dhaabbiin biqiltuu lafa hektaara kuma 814 fakkii saatalaayitiin kan deeggaramu akka ta'es ibsaniiru. Biqiltuu dhaabamu keessaa dhibbantaa 10 nyaataaf kan oolu ta'us

eeraniiru.

Dhaabbiin biqiltuu Oromiyaa Dhiyaatti kan eegalameef qaama sochii Oromiyaa Dhiyaa giddu gala nageenyaafi badhaadhinna taasisuuti jedhanii; ummatni kallattii kana jirus hojii nageenya waressuun tumsuu cimsee akka itti fufu gaafataniiru.

Hogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu gamasaaniin Sagantaa Ashaaraa Magariisaan baranaaf biqiltuu biliyoonni 5.5 qophaa'uu eerani; dhaabbii biqiltuu biliyoona 4.95f boolli biqiltuu miliyoona 1.3 hanga ammaatti qophaa'uu yaadachiisaniiru.

Bara 2011 kaasee naannichatti Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuun biliyoona 18.6 dhaabamu eeranii; biqiltuu dhaabatan kana keessaa dhibbantaa 88.5 qabachuu ibsaniiru. Bakkeewwan bosonni irraa manca'ee ture dhaabbii biqiltuu kanaan bayyanachaa akka jiranis dubbataniiru.

"Shaggarirraa muuxannoon magaalota..."

Oromoo jireenya ammayyaa akka jiraatuuf xiiqiin hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Shaggar ammayyeessuun daandii guddicha bal'innisaa meetira 250 ta'efi akka Afrikaattuu daandii guddaa ta'uurraa eegalle jedhanii; bu'uuraalee misoomaa biroos diriirsuuf sochiin eegalameera. Ummatnis jireenya magaalaa ammayyawaa kana gaggeeffachuuf ogummaa lama sadiin horatee cimee hojjechuu akka qabu dhaamaniiru.

Daandii guddichi kun marsaa shaniin kan hojjetamu yommuu ta'u, marsaa Iffaan qarshii biliyoona 4.5n kan ijaarsisaa eegale daandii kiilomeetira 38.5 kan Kuraa Jiddaa-Xaafoo-Galaan walqunnamsiisu, marsaa 2ffaan daandii Kuraa Jiddaa-Sulultaa, 3ffaan daandii Sulultaa-Gafarsa Gujee walqunnamsiisu, 4ffaan Gafarsa Gujee-Diimaa, 5ffaan daandii Diimaa-Galaan walqunnamsiisu ta'uu kan ibsan ammoo Kantiibaa Magaalaa Shaggar Doktor Tashoomaa Addunyaati. Ijaarsi daandii kanaa gaafa xumuruu lakkoofsa

daandii aspaaltii magaalatti 63 ture gara 413tti olguddisuun cinatti rakkoo geejibaa furuufi dhiyeessii omishaalee kan salphisu ta'uu Doktor Tashoomaan dabalataan ibsaniiru.

Dargaggoo Maamnee Badhaadhinna jiraataa kutaa magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii yommuu ta'u, kaayyoo mootummaan Shaggarirraatti qabatee jiru wareegama Qeerroo, Qareefi beektonni Oromoo kaffalaniif beenyaa jabaa akka ta'u abdiin guutuu qabaachuu dubbata. Mootummaan cabiinsa ummatni Oromoo kaleessa cabe hubatee wal'aanuuf wayita onnatee ka'e kanatti dargaggoo humna ta'uufi akka qabanis dhaama.

Kallattii mootummaan qabatee jiru Oromoo dukkana keessaa gara ifaatti baasaa jira. Kaayyoon mootummaa kunis irriba malee halkaniifi guyyaa akka hojjetan nama onnachiisa. Magaalaa salphinaan keessaa baqataa turaniif ulfinaan deebi'aa jechuu mootummaa dhaga'uu caalaa wanti nama gammachiisu hin jiru kan jedhan ammoo Aade Abbaayinash Tafarraati.



Hirmaattota koonfiraansichaa

"Duudhaa waloo cimsuufi jijjiirama itti fufsiisuuf..."

yeroosaanii bu'aa waloo oolchaa jiraachuu agarsiisa. Sagantaa Ashaaraa Magariisaan, nageenya mirkaneessuu, manneen barnootaafi manneen harka qalleeyyii ijaarufi suphuun hojii fakkeenyummaa qaban hojjetamaniidha.

Hiyyummaa keessaa ba'uuf hirmaannaa murteessaa ta'uun hubatamee koonfiraansichaan dhimmoota hawaasummaafi diinagdeerratti hubannoo kennuun kaayyeffame. Dargaggootni rakkoo walitti bu'iinsa naannawaasaanii mariidhaan akka furaniif muuxannoo akka horatan taasisuu bira darbee duudhaa waloofi obbolummaa cimsuun hundumaa fayyadamaa taasisuun shoorrisaani olaanaa waan ta'eef gaheesaanii akka ba'atan waamicha dhiyeessaniiru.

Afayaa'iin Caffee Oromiyaa Aade Sa'adaa Abdurrahamaan gamasaaniin jijjiirama wareegamaan dhufe keessatti badhaadhinna hundagaleessaa dhugoomsuuf hirmaannaan dargaggootaa olaanaa ta'uu ibsaniiru. Dargaggoonni biyyaaf abdiidha diinaaf yaaddoo ta'uu himanii; dargaggoonni dhimma biyyaarratti gaheesaanii akka ba'aniif mootummaan naannichaa xiyyeeffannaan hojjetaa jira jedhaniiru.

Konfransichi gaaffilee dargaggoota biraa ka'anirratti ibsa bal'aa kennuudhaan hariiroo mootummaafi dargaggoota gidduu jiru akka cimsu taasisa. Kanaaf, injifannoo argame kunuunfachaa kan hafeef ofqopheessuun tajaajila lammummaabaranaeegalameeraawwachuudhaan dirqama lammummaa isaanirraa eegamu akka ba'an jechuun waamicha dhiyeessaniiru.

Hogganaan Biiroo Dargaggoota Oromiyaa Obbo Maatiyoos Sobboqaa dargaggootni hirmaannaa misoomaa qaban cinatti nageenya naannawaasaanii eeguufi birmadummaa biyyaa kabachiisuuf anniisaa jijjiiramaa ta'uudhaan boqonnaa ammaarra ga'uun danda'ameera. Mariin dargaggootaa gandaa hanga naannooti fageeffamee duudhaalee waliin jireenyaafi walqixxummaa ummattootaa ittifufsiisuun humna jijjiiramaa ta'uun gaheesaanii akka ba'an taasisuu himanii; bu'uura kanaan bara kanatti dargaggoota miliyoona 3.1 ajandaawwan siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaarratti mari'achuu akka danda'an taasisa. Sababa kanaan mootummaafi dargaggoota gidduutti sirna cimaafi diinagdee damdaneessaa ijaaruf walhubannaa akka uuman ta'eera.

Yaada ijoo dargaggoota biraa ka'an adda baasuudhaan qaama karooraafi imaammataa taasisuun fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuuf konfransichi gumaacha olaanaa qaba. Aadaa biyyatti hojjetanii guddachuu, qusannaafi seenessa waloo dagaagsuuf gurmaa'insi dargaggootaa cimaan barbaachisaa akka ta'e ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, tajaajilli lammummaa naannichaa bara 2016 magaalaa Mojootti mana harka qalleeyyii ijaaruu, dhiiga arjoomuufi biqiltuu dhaabuudhaan eegalameera. Sagantaa tajaajila lammummaa baranaatti dargaggootni miliyoona 8.5 irratti hirmaachuun tajaajila qarshii biliyoona 15tti shallagamuun namootni miliyoona 25 ol ta'an fayyadamoo akka ta'an ibsaniiru.

ODUU

Ityoophiyaan qoricha omishtee gara biyyoota 30 olitti ergaa jirti

Finfinnee: Osoo akka ammaa teknooloojiifi barnoonni hinbabal'atiin dur namoonni dhibeefti balaa isaan mudateef manumatti biqilootaafi wantoota naannoosaanitti argamuun fala itti kennu.

Hedduun qorichoota ammayyaa yeroo ammaa itti dhimma bahamaa jirus irra jireessi biqiloota akka ta'e ogeeyyiin damee kana ni dubbatu.

Ministirri Muummee Dokatar Abiyyi Ahmadis tibbana ergaa karaa miidiyaa hawaasummaa isaaniin dabarsaniin bara duriirraa eegalee muuxannoo qoricha aadaa kan qabdu Ityoophiyaan har'as oomisha qorichaan ofirraa dabartee kan biroofuu ooluu ni dandeessi jedhu.

Agarsiisni 'Fayyaa keenya omisha keenyaan' jedhuun galteewwan wal'ansaa omishoota biyya keessaa hedduu dabalatee qorichoonni aadaa faayidaa garagaraaf oolan dhiyaataniiru.

Qaamooleen garagaraas qorichoota aadaa faayidaa garagaraaf oolan agarsiisa kanarratti qabatanii dhiyaataniiru; irra jireessi madda qoricha aadaa biqiloota.



Doktar Abiyyi Ahmad wayita agarsiisa galteewwan omishaaleefi kalaqa wal'aansa biyya keessaa daawwatanitti

Akka fakkeenyaattis qolli muka 'gurraachaa' qoricha dhibee kaansarii wal'anuuf ooludha. Mukni kun qorichummaarraa darbee gosa mukaa kana osoo alatti erganii galii guddaa

kan argamsiisu ta'uus eeraniiru.

Biqiloonni madda roobaa, qorichaa, qilleensa gaariifi nyaataa waan ta'aniif biqiloota kanneen beekuufi kunuunsuun

murteessadhaa. Sirnakkoowwan garaagaraa Ityoophiyaa keessatti biqiloota kuma ja'aa oltu argamu. Kanneen keessaa harka 12 kan ta'an Ityoophiyaa qofatti argamu.

Baroota darban qorichoonni harka saddeet qofa biyya keessatti omishamaa kan turan yoo ta'u, ammatti garuu hanga omisha qoricha biyya keessaa harka 38 gaheera. Ityoophiyaan qoricha omishtee gara biyyoota 30 olitti ergaa jirti jedhame.

Ityoophiyaan galtee wal'ansaan of danda'uuf hojii omisha alaa kan biyya keessaan bakka buusuu eegalteen Doolara Ameerikaa miiliyoona 50 oolchuu ministeerri fayyaa beeksiseera.

Ashaaraan magariisaa Ityoophiyaan itti jirtus gariin nyaata, qorichaafi fayyaaf kan oolan ta'uun xiyyeeffannaa damee kanaaf kennite agarsiisa.

Namootaafi qaamoolee qoricha aadaa omishan jajjabeessuun akka barbaachicuus Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad dhaamaniiru jechuun OBN gabaaseera.



Kan nagaan fedhuuf karri nagaan ammayyuu banaadha

Rippooortara Gaazeexichaan

Itoophiyaaf nageenyaafi misoomni dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisuu waan ta'eef tolaanis ta'e lolaan nageenya waaruusun dhimma boriif dhiifamu miti. Bakka nageenyi hin jirretti abjootanii dhugoomsuun, qotanii galfachuun, daldalanii buufachuun haa hafuutii waan harkaa qaban fayyadamuun rakkisaa akka ta'e waggoottan shanan darban ilaaluun gahaadha.

Rakkoo nageenyaa akka biyyaatti mudateen hunda caalaa kan hubameefi misoomaan danqame Oromiyaa yoo jedhame dubbii harbeessuu hin ta'u. Nageenyi akka waara'uuf mootummaan biyyattii ABO Shanee dabalatee qaamota hidhatan waliin marii nageenyaa taasisaa turus sadarkaa yaadameen bakka hundatti milkaa'eera jechuun nama rakkisa. ABO Shanee waliin marsaa lamaaf biyya Taanzaaniyaa dhaqus sadarkaa yaadametti milkaa'uu hin dandeenye.

Marii kana duras mootummaa naannoo Oromiyaa akka aadaa Oromooti mufii ABO Shaneen qabu furuuf gama Abbootii gadaa, Haadholii Siinqeefi Jaarsolii biyyaa carraaqii hedduu taasisaa tureera. Dargogootni beekaniis ta'e osoo hin beekin

gartuu kanatti makaman kumaatamaan gara nagaatti deebi'aniiru.

Kanneen mataa jabaatanii bosonatti cichanirratti ammoo tarkaafiin olaantummaa seeraa fudhatamaa jira. Haaluma kanaan tibbana Godina Shawaa Kibba Lixaatti tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuu Humni Waloo fudhachaa jiruun, Bireenii dabalatee meeshaaleen waraanaa hedduu booji'amu ibsameera.

Tarkanfii Qindoomina Humna Waloon olaantummaa seeraa kabachiisuu yeroo garagaraatti fudhatamaa tureen meeshaaleen waraanaa Bireenii, Isaayippaarii, 'manastirii' waraanaa dabalatee kanneen biroo booji'ame. Bifuma walfakkaatuun Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinniitti miseensoni ABO Shanee hojii Shororkummaa hojjetaa turanitti gaabbuun harka kennataniiru.

Akka waliigalaatti, tarkaanfii olaantummaa seeraa mirkaneessuu garee shororkeessaa kanarratti fudhatamaa jiruun miseensoni garichaafi deeggartoota isaa hedduurratti fudhatamaa jiruufi kanneen biroo hedduun waamicha nagaan mootummaan taasifame fudhachuudhaan karaa nagaan harka kennataa jiraniin haalli nageenyaa fooyya'insa guddaa agarsiisaa jira.

Wixineen labsii qabeenya deebisiisuu qophaa'e sochii dinagdee seera qabeessa uumuun alseerummaa hambisuuf gargaara

Wixineen labsii qabeenya deebisiisuu qophaa'e sochii dinagdee fayyaaleessa ta'eefi seera qabeessa ta'e uumuun al seerummaafi yakka mudatu hambisuuf kan gargaarudha.

Wixineen labsii qabeenya deebisiisuu qophaa'e sochii dinagdee fayyaaleessa ta'eefi seera qabeessa ta'e uumuun al seerummaafi yakka mudatu hambisuuf kan gargaaru ta'uu Ministirri Haqaa Doktar Gedi'oon Ximootiwoos beeksisan.

Ministeerri Haqaa ministeera tajaajila kominikeeshinii mootummaa waliin ta'uun wixinee labsii qabeenya deebisiisuurratti waloon ibsa kennaniiru.

Ibsicha Ministira Haqaa Doktar Geediyoon Ximootiwoosiifi Ministir Deetaa Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa Salaamaawwiit Kaasaatu kenne.

Barbaachisummaa fi kaayyoo wixinee labsii kanaarratti ibsa kan kennan Ministirri Haqaa Doktar Geediyoon Ximootiwoosi wixineen kun qabxiilee gurguddoo afur irratti kan xiyyeeffate ta'uu ibsaniiru.

Jalqabatti yakkooni dinagdee baay'achaa dhufuun namoonni qabeenya argachuuf yakka keessatti hirmaachuufi yakkaan bu'aan akka hin argamne barsiisuuf ta'uu.

Laffaa immoo qabeenya deebisiisuun wal qabatee labsiwwan kana dura tureen qabeenyi akkamiin to'annoo jala oola? akkamiin deebi'a kan jedhu bifa bittinnaa'een jiraachuufi kunis raawwii isaarratti harcaatii waan uumuuf labsiwwan kanneen gara tokkotti fiduun to'annoofi hordoffiif akka toluufi hammattuun seeraa fullaan akka jiraatuuf yoo ta'u inni sadaffaan immoo qabeenyi maddisaa hin beekamne hammattuu seeraan furmaata akka argatuuf yaadamee ta'uufi yeroo ammaa qabeenya maddisaa hin beekamne horachuu,sirni galmeessa qabeenyaa dhugaarratti kan bu'uuffate ta'uu dhabuufi isa kana hambisuun kiraa sassabdummaafi malaammaltummaa hir'isuun seera qabeessummaa dagaagsuuf ta'uu ibsaniiru.

Kayyoon araffaa wixinchaa hammattuu



seeraa idil addunyaa akka qabaannuuf kan nu gargaaru ta'uu eeranii kunis sochii dinagdee fayyaaleessa ta'eefi seera qabeessa ta'e uumuun al seerummaafi yakka mudatu hambisuuf kan gargaarudha jedhaniiru.

Wixineen kun yakkoota raawwatan yakka namaan daldaluu, daddabarsa meeshaalee waraanaa, kontirobaandiifi yakkoota gara garaa raawwatan irratti irra jireessa kan hojjetu ta'uu ibsaniiru.

Akkasuma Diyaaspooraan biyya alaa jiran kanneen hojjetanii maatiifi biyya isaanii tajaajilan kan hin hammatneefi warreen maqaa diyaaspooraan daldalaniifi yakkoota keessatti qooda fudhatan irratti ni xiyyeeffata jedhaniiru.

Seerri kun waggaa 10 duubatti deebi'uun kan hojiirra ooluufi hammi qabeenya horatamee miliyoona 10 ol ta'uu wixineen labsii qophaa'e ni mul'isa.

Walumaa galatti seerri kun warra osoo hin hojjetiin qabeenya hawaasaa, mootummaa akkasuma qabeenya biyyaa saaman irratti kan xiyyeeffatudha. Qabiyyeen seeraa kun kutaawwan 8 fi keeyyata xiqqaa 57 kan of keessaa qabudha.

Wixineen kun yeroo qophaa'u muuxannoo biyya keessaafi alaa fudhachuun ogeessotaan waggaa tokkoof qorannoon gaggeeffamuun kan qophaa'e jedhaniiru.



BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

Badhaasa onnachiiftuu Olompikii paaris

Finfinnee: Waggaa lamatti altokkoo biyyoota miseensoota Konfedereeshinii atileetiksii Afrikaa adda addaatti kan gaggeefamu shaampiyoonaan atileetiksii Afrikaa baranas yeroo 23ffaaf magaalaa Kaameerun, Duwaalatti guyyoota ja'aaf adeemsfame milkiin xumuramera.

Shaampiyoonaa kanarratti biyyoota Afrikaa 54 keessaa 50n akkaakuwaan ispoortii 47n atileetoota 2500 ol hirmaataniiru. Hirmaattoota kanneen keessaa gabate meedaaliyaa keessa kan galan biyyoota 27 qofa.

Walumaagalatti, meedaaliyaa warqii 45, meetiin 45, nahaasa 45 dimshaashumatti meedaaliyaawwan 135 badhaasaaf yommuu kennaman, Afrikaan Kibbaa meedaaliyaa warqii torba ,meetii shan, nahaasa saddeetti, waliigalaan meedaaliyaawwan 20 argachuudhaan dursa qabatteetti.

Keeniyaan meedaaliyaa warqii shan, meetii torbafi nahaasa torba, waliigalaan meedaaliyaawwan 19 yemmuu argattu, Naayijeeriyaan warqii shan, meetii ja'aafi nahaasa afuriin waliigalaan meedaaliyaawwan 15n akkasumas Itoophiyaan meedaaliyaa warqii shan, meetii afuriifi nahaasa tokko waliigalaan meedaaliyaawwan 10 argachuun sadarkaa lammafaadhaa hanga afraffaa qabachuudhaan xumuraniiru .



Dorgommii tarkaanfii kiilo meetira 20 dhiirotaafi dobaraatiin tokkoffaa kan ba'an Misgaanaa Waaqumaafi Sintaayeehu Maasiree

Itoophiyaan shaampiyoonaa kanarratti akkaakuwwan ispoortii 21n atileetoota dhiiraa 36fi dubartoota 32n hirmaachuudhaan meedaaliyaa 10 argatteetti.

Meedaaliyaan warqii dorgommii tarkaanfii kiilo meetira 20 dubaraan Sintaayoo Maasiree,

kuma shaniin Faantaayee Balaayneh, kuma 1fi 500 Saaroon Bariheetiin yoo argamu, dhiiraan ammoo dorgommii tarkaanfii kiilo meetira 20n Misgaanaa Waaqumaa, kuma kudhaniin Nibirat Malaakiin argameera.

Meedaaliyaan meetii ammoo dorgommii

figicha meetira kuma shanii dubaraan Wubiristi Asichaal, figicha gufachisaa meetira kuma sadiin Alammaat Waasee, dhiiraan ammoo figicha meetira kuma kudhaniin Gammachuu Diidhaafi Nibirat Malaak yoo ta'an, meedaaliyaan nahaasaa kan argame figicha meetira kuma kudhaniin dubaraan Atileet Galaa Hamseetiini.

Jilli Atileetiksii Itoophiyaa kun imalasaa xumuree Kamisa darbe gara biyyaatti yoo deebi'u, kaleessa ammoo Hoteela Giyoonitti badaasni adda addaa kenameraaf.

Koreen Olompikii biyyaaleessaafi Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa walumaagalatti qarshii miliyoona 1.3 atileetotaafi leenjistoota badhaasaniiru.

Atileetonni meedaaliyaa warqii argamsiisan qarshii kuma 40, atileetonni meedaaliyaa meetii argamsiisan qarshii kuma 25, atileetonni nahaasa argamsiisan qarshii kuma 25, atileetonni sadarkaa dippiloomaan xumuran qarshii kuma 10 kan badhaafaman yoo ta'u, leenjistoonni atileetota meedaaliyaa warqii argamsiisan leenjisan ammoo qarshii kuma 40 badhaafamaniiru. Waliigalaan shaampiyoonaa kanaaf qarshiin miliyoona 18 kan bahe ta'uunis himameera.

Injifannoon Shaampiyoonaa atileetiksii Afrikaa 23ffaarratti argame Olompikii Paarisiiif galaa guddaa ta'uunis himameera.